

Seensa

Seerrii deemsa falmii yakkaa biyya keenyaa haala ifa ta'een akka kaa'etti, deemsi dhagaha dhimmaa yakkaa erga eegalee, hanga danda'ametti, guyyaa tokko keessatti, kun yoo hin danda'amne garuu borumtsaa ykn guyyoota muraasa itti aanaan keessatti xumuramuu akka qabu yaada waliigalaa yoo ka'uu, sababni addaa seeraan eyyamame yoo jiraate, garuu, dhagahuun dhimmichaa beellamaan ce'uu akka danda'u tumee jira.

Akkasumas, heeri mootummaas yaaduma kana deegaruudhaan hanga danda'ametti, namni yakkaan himatame tokko yeroo gabaabaa keessatti murtii argachuuf mirga akka qabu tumee jira. Haata'utii, dhagaha falmii yakkaa fi qorannaan yakkaa adeemsifamaa turee barmaatiledhaan kan hojjatamuu waan ta'eef; adeemsi dhagahaa falmii yakkaas ta'e qorannaan adeemsifamu walitti fufinsa kan hin qabnee fi harkifataa akka ta'u godhamee jira. Waan kana ta'eef, ummanni tajaajila saffisaa fi bu'aa qabeessa ta'e yeroo gabaabaa keessatti argachiif fedhii jiru waliin deemuu hin dandeenye.

Adeemsa dhagaha falmii yakkaas ta'e qorannaa yakkaa haala saffisaa ta'een akka raawwatamuu tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa bara 2000 irraa eegalamee qaamolee haqaa Oromiyaa keessatti hojiirra akka ooluu godhame jira.

Toftaan kun bu'aa guddaa ta'e kan qabu ta'uusaa namni kamiyyuu kan beekuudha. Haa ta'utii, adeemsi tooftaa saffisa kun erga hojiirra oolee kaasee raawwii keessatti rakkoowwan garagaraa kan of-keessa qabu waan ta'eef rakkoon kun ammo haala qabatama hojii keessatti maal akka fakkaatuu kaasnee ilaaluun barbaachisaadha. Adeemsi tooftaa saffisa bu'aa fi miidhaan inni qabu akkasumas dhimmi tokko tooftaa kanaan ilaalamu qabaa jedhee murteessuuf aangoon kan qaama kamii akka ta'e wanti ifaan taa'e tokko jirayii? kan jedhuus gaaffii guddaa waan ta'eef kan

ilaallamu qabu ta'e argameera. Kara biraa, mirgoonni himatamaa tooftaa kana keessatti akkamittiin kabajamaa akka jiran kan sakkatta'uu ta'a. Akkasumas adeemsa tooftaa saffisaa hojiirra oolchuu keessatti rakkoon qaamolee haqaa bira jiru maal akka ta'e sakata'uunis murteessaadha. Kaayyoon moojuulii kanas kanuma.

Kaayyoo leenjii kanaa galmaan gahuuf akka toluu moojuulichi kutaa sadiitti qoodame akka qophaa'u godhameera. Kutaa tokkoffaa keessatti, maalummaa fi faayidaa ykn bu'aan tooftaa saffisa argamsisee ni ilaalama. Kutaa lamaffaa keessatti adeemsi tooftaa saffisa biyyoota biraa fi kan keenya waliin kan ilaalu ta'a. Kana malees hanqinni nu bira jiru maal akka ta'e kan sakkatta'amu ta'a. kutaa sadaffaa keessatti ammo haala qabatama Naannoo Oromiyaa ilaalchisee raawii keessatti hanqinni qaamoolee haqaa bira jiru fi kalatti mirga himatamaatiin dhiibbaa adeemsi kun qabu kan itti ilaalu ta'a.

Moojuuliin kun dhimmoota TSAFY tiin murtaa'anii fi qo'annoo tooftaa saffisaa irratti bara 2000 gaggeefameen kan deegarame haa ta'uuyyuu malee leenjifamtoonnis muuxannoo qaban hundee godhachuudhaan yaada moojuulichaa keessatti hamataman kana caalaa mariidhaan ni gabbisuu jedhameetii eegama.

Kaayyoo Gooroo

Dhumma leenjii irratti leenjifamtootni:

- Maalummaa fi bu'aa tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa irratti hubannoo ni argatuu
- Amala addaa tooftaa saffisaa adeemsoota seeraa falmii biraa waliin qabu addaan baasani ni hubatuu
- Hanqinaalee, garaagarummaa tooftaa saffisaa biyya keenyaa fi kan biyya biroo adda baafatu
- Raawwiin tooftaa saffisaa sadarkaa maalii irraa akka jiru ni hubatuu

- ➡ Miidhaa tooftaa saffisaa qulqullina galmee fi mirgoota himatamaa irratti qabu adda baafatu
- ➡ Dhimmi tokko tooftaa saffisaan haa ilaalamuu ykn hin ilaalamu jechuuf qaamni aangoo qabu eenyuu akka ta'e addaan baasani ni beekuu;
- ➡ Hubannoo argataniin raawwii walfakkaataa ta'een hawaasaaf tajaajila haqaa ni kennuu.

KUTAA TOKKO

1. Maalummaa fi Faayidaa ykn Bu'aa Tooftaa Saffisaa Adeemsa Falmii Yakkaa (TSAFY)

Seensa

Kutaa isaa calqabaa kana keessatti maalummaa fi faayidaa ykn bu'aa tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa maal akka ta'e kan itti ibsamuu ta'ee: isa jalatti garuu tooftaa saffisaa jechuun maal jechuu akka ta'ee fi tooftaan kun seera ammo mala raawwii dhagaha falmii yakkaatti isaa jedhuu kan ilaaluu yoo ta'uu; akkasumas, addumaa fi walitti dhufeenya tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa fi, jjiirama bu'uura adeemsa hojii, adeemsa falmii idilee fi dhagaha falmii wal-irra hin citnee waliin kan ilaaluu ta'a. Karaa biraatiin, adeemsi tooftaa saffisa adeemsa falmii yakkaa erga hojiirra oolee calqabee faayidaan ykn bu'aa buusaa jiru maal akka fakkaatuu haala qabatmaa yeroo amaa waliin kan ilaaluu ta'a.

Kaayyoo Gooree

- ➡ Dhuma kutaa kanaan booda leenjifatootni:-
 - Maalumma tooftaa saffisaa adda baasani ni beekuu.
 - Addumma ykn walitti dhufeenya tooftaa saffisaa fi JBAH, Falmii idilee fi kkf waliin qaban addaan baasan ni beekuu.
 - Faayidaa ykn bu'aa hojiirra oolmaa tooftaa kana maal akka ta'e ni ibsu.
 - Beekumsaa fi hubannoo argatan hojiitti ni hikuu.

1.1. Maalummaa TSAFY

Biyya keenyatti adeemsi tooftaa saffisa falmii yakkaa jedhame beekamu kun seera deemsa falmii yakkaa biyyoota Auroophaa keessatti fkn kan akka Faransaayii, Inglaandii, Jarmanii fi Xaaliyaan kkf keessatti maqaa “Accelerated or Simplified Procedure” jechuun kan beekamuu yoo ta'u; jechii kun qooqa afaan Ingiliiffaa irraa gara qooqa

keeniyatti yoo hiikamee: tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa waliin tokko ta'e **argama**¹. Akkaataa biyyoota kanaatiin tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa jechuun dhagaha falmii yakkaa sirna dhagaha falmii duraa irra ce'uun kalatiidhaan nama yakka hojjate m/murtiitti dhiyeessudhaan mala sirna dhagaha falmii gabaabaa ta'een murtii kennisiisuu jechuudha. Kana jechuun namni yakka raawwatee tokko harkaaf harkaatti yoo qabame ragaan gahaa, ifa ta'e kan jiruu fi murtii kennuuf rakkisaa kan hin taane yoo ta'e himatamaa ragaa waliin battalumatti m/murtiitti dhiyeessuudhaan adeemsa falmii guutuu osoo hin hordofin adeemsa tooftaa saffisaadhaan hunda murtiin itti kennamuu dha. Kun yoo jedhamu, tooftaa saffisa adeemsa falmii yakkaa kun (Accelerated or simplified procedure) gosoota yakkaa hunda irratti raawwanaa kan qabu miti. Fkn: Yakkoota cimoo ykn walxaxaa ta'an, kan akka ajeechaa lubuu, saamicha cimaa, yakka qabeenya balleessuu cimaa ta'ee fi yakka gudeeduu irratti raawwannaa kan hin qabnee ta'a.² adeemsi tooftaa saffisa kan adeemsoota qorannaa yakkaa fi dhagaha falmii yakkaa haala ariiti qabuun beellama malee ykn beellama gabaabaadhaan murtii kennisiisuuf mala tajaajiluu dha malee dhimmoota adeemsa kana keessatti xiyyeefannoo argachuu qaban calisee kan bira dabruu **miti**.³

- Kaayyoon adeemsa tooftaa saffisaa inni guddaan dhimmoota yakkaa harkaaf harkatti raawwataman irratti ta'ee ragaan dhiyaate ifaa kan ta'ee fi murtii kennuuf isaa keessatti rawwatamee, salphaa rakkisa kan hin taane yoo ta'e mala dhagaha falmii gabaabaa ta'een murtii akka argatan gochuu**dha**.⁴

¹ Kotnik, sonjo, The Emergence of Abboirvated criminal proceders in the field of criminal law, slokania, 2009:

Pp.9 -10

² Soth African law Commission, sattlment out of court: A comperative study of European criminal justice

system, Germany, 2001. Pp.30

³ madda lakk. 1 fuula 8

⁴ [http://hansard.millbanksystem.com/lords/1997/Feb/27/:delay in the criminal justice system](http://hansard.millbanksystem.com/lords/1997/Feb/27/:delay%20in%20the%20criminal%20justice%20system). Gaafa 5/09/2002 kan ilaalame.

Akkasummas dhimmi sun dhagaha falmii isaa tooftaa saffisa kanaan ilaalee battalumatti kennuuf dhimmichii, adabii ifaafi mormii kan hin kaasnee ta'u qaba.

Kanaafuu, tooftaa saffisa adeemsa falmii yakkaa dhagaha falmii yakkaa harkifataa ta'e hambisuudhaan tajaajila saffisaa ta'e yeroo gabaabaa keessatti haawaasaaf⁵ kennuudhaan kufanni galmee akka salphatu fi baasii sababa kanaan bahuus akka xiqqaatuu gochuu irratti kan fuuleefateedha. Adeemsi tooftaa saffisaa kun biyyoota Auroophaatti qaama seera deemsa falmii ta'uudhaan dhimmoota yakkaa murtaa'an irratti raawwana kan qabu dha.⁶ Kan biyya keenya garuu hanqinnoota adda addaa kan qabu waan ta'eef; dhimma kanarratti ibsa keenya kutaa lamaaffaa keessatti bal'naan kan ilaaluu ta'a.

1.1.1. TSAFY fi Jijjirama Bu'uura Adeemsa Hojii

Akka biyyaatiis ta'e akka Mootummaan Naannoo Oromiyaatti jijjiramni bu'uura adeemsi hojii haala haaraa ta'een bara 2000 A.L.I irraa eegaluudhaan waajjira mootummaa kamiyyuu keessatti akka hojiirra ooluu kan godhee ta'u isaa ni beekama. Waan kana ta'eef, jijjirama bu'uura adeemsa hojii immaamata mootummaan hordoofaa jiru keessaa isaa tokko yoo ta'u: kaayyoon adeemsi kun caasaa mana hojii mootummaa keessatti hojiirra akka oluu itti godhameef keessaa tokko hawaasni tajaajila qaamolee mootummaa irraa argachuu qabu haala saffisaa fi iftoomummaa qabuun yeroo gabaabaa keessatti akka argatuu gochuudha. Adeemsa kanaan hojiin qorannaa harkaa pooliisii fi waajjira haqaatin kopha kophaatti hojatamaa turee baka tokkotti akka adeesifamu ta'e jira. Haaluma kanaan, Mootummaan Naannoo Oromiyaa labsii bara 2000 baaseen adeemsi hojii haaraa ta'e kun seeraa akka deegarsa argatuu godhamee jira.⁷ Hawwasni tajaajila

⁵ Madda lakk.4 ilaalata

⁶ Labsii Qaamolee Raawwaachiftuu MNO irra deebi dhaan gurmeessuu fi aangoo hoi isaani murteessuuf bahee
labsii lakk. 132/2000

⁷ Madda lakk. 3- fuula 10

saffisaa fi bu'aaqabeessa ta'e qaamolee mootummaa irraa argachuu kan qabu keessaa inni tokko keenninsi tajaajila sirna bulchinsa haqaa isaa tokkoodha. Haaluma kanaan, adeemsi "JBAH" kunnis qaamolee haqaas kenninsa tajaajila isaani haala saffisaa fi iftoomina qabuun kennuuf jecha toofitaa saffisa uumanii itti fayyadamaa turan kan ciimisuu waan ta'eef immaamata mootuumaan hordofaa jiru wajjin kan deemu dha. Kanaaf jecha, adeemsa immaamata mootummaa galmaan gahuuf tooftaa saffisa adeemsa falmii yakkaa akka tooftaa tokkootti qaamolee haqaa deegarsa gochuu irratti kessatti hojiirra ooluun isaa tajaajila haqaa keenamuu saffisaa akka ta'u shoora mataa isaa kan qabu dha. Kanaafu, tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakka tajaajila saffisa hawaasni barbaaduu galmaan gahuuf kan fayyaduu keessaa mala (tooftaa) JBAH madda ta'udhan haala kanaan tooftaa saffisaa bulchinsa haqa yakkaaf kan tajaajiluu yoo ta'u, JBAHn garuu, immaamata waajjin mootummaa kamiyyuu hojiira oolchuu qabuudha.

1.1.2. TSAFY fi Falmii Idilee

Adeemsi tooftaa saffisa adeemsa falmii yakkaa jechuun maal akka ta'e ibsa duraa keessatti waan ka'eef asiitti irra deebi'uun barbaachisaa hin ta'u. walitti dhufeenyaa ykn addumaa tooftaa saffisa adeemsa falmii yakkaa fi falmii yakkaa idileetti ce'uun dura falmii idilee jechuun maal jechuu akka ta'ee hiikoo isaa beekuun barbaachisadha.

Jechii falmii yakka idilee (ordinary criminal proceedings) jedhuu adeemsa dhagaha falmii yakkaa ittiin hoganamuu ta'e gochii yakkaa raawwatame tokko guyyaa ykn yeroo dhaddacha mana murtii ttii dhiyaate kaase hanga murtiin dhumaa kennamuutti sirna hordofamuu qabu kan of-keessaatti hammatee fi murtee kan itti argatuu dha. Adeemsi falmii yakkaa idilee dhimmooti ulfataa fi walxaxaa ta'an kan itti hogganamamuu waan ta'eef dhagaha falmii dhaa yeroo dheeraa

fudhachuu ni danda'a.⁸ Dhimmoonni yakka kamiyyuu adeemsa falmii yakkaa idileen kan ilaalaman yoo ta'e; dhimmoonni salphaa fi yakkonni harkaaf harkaatti raawwatamaniis adeemsa dheeraa keessa waan dabraniif murtii ariifachisaa kennuun hin danda'amu. Haa ta'utii, Adeemsi tooftaa saffisa falmii yakkaa dhimmoota yakka hundaaf kan fayyadu osoo hin taane yakka salphaa fi yakka harkaaf harkatti raawwatamee himatamaa fi ragaan achumatti waliin kan argaman irratti kan xiyyeefatuu dha.⁹ Dhimmootti yakkaa cimaa fi walxaxaa ta'an adeemsa tooftaa saffisaadhaan akka ilaalaman gochuuf hin danda'amu.¹⁰ Kunnis, amala yakkaa sana irraa kan ka'e raga fi himatamaa akka salphaatti argachuun waan hin danda'amneef dhagaha falmii akka beellamamuu fi himatamaaniis mirga wabii gaafachuu ni danda'a. Kana jechuun, dhagaha falmii kan turuu yoo ta'e akkaataa seera deemsa falmii yakkaatiin mirga wabii gaafachuu ni danda'a.¹¹ kun yoo ta'u baatee, garuu, yeroo beellamaan mana sirreessaatti dedeebi'ee dhimma isaa akka hordofuu murtaa'uu ni danda'a.¹² Kara biraatiin, dhimmi tooftaa saffisaatiin ilaalamuuf dhiyaate tokko sababa adda addaa irraa kan ka'e gara falmii idileettis naanna'uu ni danda'a. Fkn: Ragaan yoo hin dhiyaanne, himatamaan offirraa ittisuuf jecha yeroo bellamaa yoo gaafatee.

Fkn:- Qo'annoo tooftaa saffisa adeemsa falmii yakkaa irratti gaggeefame yoo ilaalee namoonni gaaffii barreefama dhiyaateef keessaa harka calaa kan ta'an yakkoota ciccimoo fi walxaxaa ta'an falmii yakkaa idileetiin kan ilaalaman ta'uusaa deebii kenaniin mirkaneessani jiru. Akkaataa deebii kennitoota kanaatiin yakkoota ciccimoo jedhani tarreessani yakka ajeechaa lubbuu, yaalii ajeechaa,

⁸ Madda lakk. 5 fuula 30

⁹ ESER The--- Acceleration of Criminal proceedirs and the Rights of the accused, 2010

¹⁰ Madda lakk 9 ilaala

¹¹ Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itoophiyaa, Nagartii Gazeexaa, labsii 185/1954 kwt. 64

¹² Madda lakk 11 kwt. 59

saamicha cimaa, dirqisiisani gudeeduu, hanna cimaa, reebichaa, yakka siyaasaan walqabatee jechuudhaan ibsani **jiru**.¹³

Haala walfakkaatuun, adeemsi tooftaa saffisaa falmii yakkaa raawwii irra kan oolu dhimmoota yakkaa hoo'aa ta'anii raga bakkatti argamuu fi himatamaanis bakkuma sanatti kan qabame ta'e murtii kennuuf rakkisaa kan hin taane akka ta'e deebii kennaniin bifa walfakkaatuun ibsani **jiru**.¹⁴

Akka bu'uuratti, dhagaha falmii yakkaa, hanga danda'ametti, guyyaa muraasa keessatti xumura argachuu akka qabu, kun kan hin danda'amne yoo ta'e, garuu, yeroo beellamaa gabaabaa keessatti xumura argachuu akka qabu seera deemsa falmii yakkaa keessatti tumamee jira. Adeemsi tooftaa saffisaa dhimmoota yakkaa amala raawwii addaa qaban kana haala saffisaa ta'een xumura akka argatan yoo diriirfamuu adeemsa falmii yakkaa idilee osoo hin hordofiin tooftaa kanaan akka fayyadamuu kan nu gargaaruu dha.

Kanaafu, tooftaa saffisaa murtiin ariifachisaan akka kennamuu kan gargaaruu fi kuufamni galmee akka salphatuu shoora guddaa kan qabuu dha. Kun yoo ta'u ammo dhimmoota falmii idileen ilaalaman haala saffisaan akka adeeman gummacha kan godhuu ta'eti argama. Adeemsi tooftaa saffisa falmii yakkaa keessatti yeroon beellamaa, mirgii wabii akkasumas himatamaan too'annaa poolisii jala sababni itti turuu hin **jiru**.¹⁵ Haa ta'utii, falmii yakka idilee keessatti dhimmoon kun haala guutuun kan raawwatamuu ta'a. kana malees, adeemsa falmii yakka idileefi ragoonni fuula duraaf kan argaman ta'uu fi himatamaan baduu akka hin dandeenyee wabii nuuf hin ta'u. kana jechuun falmii idilee keessatti turtii yeroo irraa kan ka'e ragoonni baduu, dhimma kana hiraanfachuu, soda ykn waliigaltee himatamaa waliin godhaniin ragaan

¹³ Cuunfaa gaaffii barreeffamaa irra argama, qo'annoo TSAFY bara 2002

¹⁴ Madda lakk 13 ilaalata

¹⁵ Madda lakk. 14 ilaalata

rakkoof saaxilamuu ni **danda'a**.¹⁶ Adeemsa tooftaa saffisaa kana keessatti garuu rakkoowwan armaan olitti ibsaman haalii itti numuddachuu danda'u baayee xiqqaa dha.

1.1.3. TSAFY fi Seera Deemsa Falmii Yakkaa

Seera deemsa falmii yakkaa jechuun namni tokkoo seeraa yakkaa cabsuu isaatiif himannaan yoo itti dhiyaate sirna seeraa adeemsi himanna suni caqafamun hanga dhummaatti kan ittiin ilaalamuu dha.¹⁷

Akkasumas, seeraa yakkaa hojiiirraa oolchuu keessatti aangoo fi gaheen m/murtii, waajjiira haqaa fi poolisii kan ittiin murta'uudha.¹⁸ Dhimma yakkaa raawwatamee tokko calqaba qorannaa kaasee hanga oliyyannoodhaan deemee xumurammutti adeemsi isaa maal ta'u akka qabu kan nutti argisiisuudha. Akkasumas, mirgoonni himatamaa fi miidhamaan qabaniis seera deemsa falmii yakkaa kana keessatti tumame argama. Kanaafu, seerii deemsa falmii yakkaa seera yoo ta'u; tooftaa saffisa adeemsa falmii yakkaa hanga yoonnaatti akka tokkotti tajaajila jiru, tooftaa/mala/ malee qaama seeraa deemsa falmii yakkaa hin taanee. Seera deemsa falmii yakkaa hojiirra oolchuu keessatti tooftaa saffisa deemsa falmii yakkaa akka furmaataatti kan itti gargaaramnuu keessaa mala tokko ta'uusaatti. Kana waan ta'eef, tooftaa saffisa adeemsa falmii yakkaa dhagaha falmii yakkaa haala saffisaa ta'een akka xumuramuu kan nama gargaaruu dha malee yeroo ammaa seera ta'ee seera deemsa falmii yakkaa keessatti kan tumamee miti.

1.1.4. TSAFY fi Dhagaha Falmii Yakka Wal-irraa Hin Citne

Waa'e tooftaa saffisa falmii yakkaa ilaalchisee ibsa keenya kanaan duraa keessatti kan ilaalee asiitiis yaadachuun barbaachisaadha. Adeemsi tooftaa saffisaa falmii yakkaa seera deemsa falmii yakkaa

¹⁶ Madda lakk. 15 ilaalata

¹⁷ <http://www.answers.com/topical/criminal/procedure>. 3/18/2010

¹⁸ Seera deemsa falmii yakkaa Itoophiyaa, Labsii lakk. 185/1954

hundee kan godhatee ta'ee; mala dhagaha falmii yakkaa ittiin saffisiifamuu keessaa isa tokko ta'uu isaa ilaalee jira.¹⁹ Bu'aa sirna bulchiinsa haqaa argamsisuu kamiyyuu kan ittiin madaalamuu keessaa tokko yakka raawwatame adda baasee murteef kan dhiyeessu yoo ta'eedha.²⁰

Kunis, adeemsi falmii yakkaa haala barbaachisuun bakka ga'uu kan danda'u deemsa dhagaha dhimma yakkaa osoo wal-irraa hin ciccitiin bifa walitti fufiinsa qabuun hojiirra kan ooluu yoo ta'eedha. Tumaa fi kaayyoon seera deemsa dhagaha dhimma yakkaa keenyas kanuuma kan calaqqisiisuu ykn deegaruudha.²¹

Kana jechuun, akkuma seera deemsa falmii yakkaa biyyoota kan biro, seerri deemsa falmii yakkaa biyya keenyaas, falmiin himannaa yakkaa yeroo dhiyaatee kaasee, hanga danda'ametti, bifa itti fufinsa qabuun osoo wal-irraa hincitin guyyaa tokkotti ykn guyyoota murasaa jidduutti murtii argachuu akka qabu tilmaamamee kan tumame yoo ta'e illee,²² sababa baratama qaamolee haqaa irraa kan ka'e deemsichii kanaan duraa hojii irra yommuu oolaa turee wal-irraa ciccitaa waan ta'eef, amantaa fi abdiin uummataa tajaajila sirna bulchiinsa haqaa irratti qabuus quubsaa hin turee. Adeemsi akkanaa ammo, sirni haqaa yakkaa keenya akka waliigalatti, harkifataa, kan hin dhaqqabamne, hintilmaamamne, haqa-dhabeessaa fi bu'a dhabeessa akka ta'u godhee waan tureef,²³ tooftaan saffisaa kun hojiirraa akka ooluu yoo godhamuu ciccita deemsa kanaaf hagam tokko furmaata ta'uu ni danda'a yaada jedhuu irraa ka'amee akka ta'e beekamaadha. Ka'umsi rakkoo kanaa, rakkoo hojimaata qaamolee haqaa (M/murtii, waajjiira haqaa fi waajjira poolisii) ta'ee osoo jiruu; himatamaa fi ragoolee akkasumas, baajataa fi

¹⁹ Madda lakk.

²⁰ Madda lakk. 17. Fuula 5

²¹ Madda lakk. 18 kwt. 94(2)(L)

²² Madda lakk. 21 ilaalata

²³ Dasaa Bulchaa; Alamaayahuu Taganuu, Sirna Dhagaha Falmii Yakkaa: Seeraa fi Baratama. Moojuulii Leenjii, Adaamaa, ILQSO, bara 2000

humna namaa irratti kan hirkifama turee haa ta'uuyyuu malee qabatamaan rakkoo baratamaa qamolee kanaa ta'uusaa dhimmaa ifa ta'eedha.

Fakkeenyaaf, gama mana murtiin, dhagaya dhimmichaatiin duraa fi booda deemsa seerichi eyyamu hordofu dhabuudhaan rakkoo ciccitiinsa dhagaha dhimmichaaf ka'umsa ta'u danda'eera. Kunis, dhagaha dhimmichaatiin dura qophii barbaachisaa ta'e hunda dursani xumuruu dhabuudhaan guyyaa dhagaya dhimmichaa fulduratti harkisuu yoo ta'u, guyyaa dhagaha dhimmichaa fi booda ammo, beellama barbaachisaa hin taane, akka seerii jedhutti osoo hin taane, akka baratamaan kan hojjatamu waan ta'eef, ciccitiinsa deemsichaaf ka'uumsa ta'aa tureera.²⁴

Karaa biraatiin, deemsa kanaan duraa keessatti, poolisii fi Abbaan alangaa kophaa kophaatti qorannaa akka adeemsisan seerri deemsa falmii yakkaa kan eyyamuuf waan ta'eef,²⁵ galmeen qorannaa abbaa alangaa fi poolisii jidduutti akka dedeeb'u sababa ta'e kan tureedha.

Kana waan ta'eef, raga guutuu ta'e dhiyeessuu dhabuu fi himatamaan wabii dhaan kan bahee yoo ta'e, guyyaa beellamaa m/murtiitti dhiyeessuu irratti deegarsa fi tumsi qaamolee kana lamaan bira turee laafaa ta'uu irraa kan ka'e ciccitiinsi dhagaha falmii ni mul'ataa turee. Haa ta'utii, rakkoo ciccitiinsa dhagaha falmii yakkaa kana dura turee amma tokko akka salphatuu gochuuf tooftaa saffisa deemsa falmii yakkaa furmaata jiran keessaa isa tokko ta'etti mul'ataa.²⁶

Rakkoo ciccitiinsa dhagaya falmii yakkaa guutumaa guutuutti hambisuun kan hin danda'amne yoo ta'eellee; dhimmoota yakkaa tooftaa kanaaf mijaa'a ta'an deemsa tooftaa saffisaadhaan kan

²⁴ Madda lakk. 23 ilaalata

²⁵ Madda lakk. 22, kew. 21-34, 38

²⁶ Madda laak. 19

ilaalaman yoo ta'e, rakkoo ciccitiinsa dhagahaa falmii yakkaa hagam tokko gadii xiqqeessuun ni danda'ama. Akkuma sila armaan olitti ibsamee, namni yakka harkaaf harkaatti yeroo raawwachaa jiru kan qabamee yoo ta'e; ragaan ifaa fi gahaa ta'e kan dhiyaatee fi m/murtii murtee kennuuf kan hin rakkisnee yoo ta'e, deemsa tooftaa kanaan kan ilaalaman yoo ta'e rakkoo kana salphiisuuf tooftaan nu gargaaran keessaa inni kun isa tokkoo dha.²⁷ Asirratti garuu, wanti hubatamuu qabu, tooftaa saffisaa deemsa falmii yakkaa sadarkaa dhagaha falmii yakkaa irratti qofa kan daangeefamee osoo hin taane yeroo yakki raawwatamee kaasee hanga murtiin dhumma kennamuutti dabalatee deemsa qorannaa fi dhagaha falmii saffisiisuuf kan nama tajaajiluudha.

28

Hayyoonni tokko tokko akka duubataniitti ykn barreessaniitti, deemsi qorannaa yakkaas ta'ee dhagaha falmii yakkaa haala ariifachisaa ta'een deemsisuun garee lamaanifuu (A/Alangaa fi himatamaa) faayidaa kan kennuudha jechuudhaan yaada isaani ibsani jiru.²⁹

Haaluma kanaan, kaayyoon tooftaa saffisaa deemsa falmii yakkaa hojii irra oolchuun kan barbaachiseef hojimaata baratamaa irraa kan ka'e qaamoleen haqaa kuufama galmee (backlog) qabanin haala hammayyaa keessatti sadarkaa jijjirama jireenya hawaasaatiin tajaajila haqaa saffisaa fi bu'aa qabeessa ta'e kennuu waan hin dandeenyeef ta'uu armaan olitti ibsameera.

Bu'aa ykn faayidaalee argaman kana akka waliigalatti ibsuu irra qaamolee haqaa fi hawaasaaf bu'aa ykn faayidaa gurguddoo akka irraa argachaa

²⁷ Madda lakk. 26 ilaalata

²⁸ Madda lakk. 20, fuula 10

²⁹ Madda. Lakk. Fuula 34

jiran odeefannoo qo'annoo irraa argameen deegaruudhaan ibsuun kan filatamuu ta'ee jira.

1.2. Faayidaa Ykn Bu'aa TSAFY

Seenaa biyaa keenyaa keessatti bara 1934 A.L.I irraa eegaalee qaama raawwachiftuu labsiidhaan ijaaraman keessaa waajjirii poolisii isaa tokko dha. Akkaataa labsii kanaatiin nageenyaa uummataa eeguu fi yakki yeroo raawwatame qorannaa gochuudhaan shakamtoota seeraatti dhiyeessuu ilalchisee aangoo fi gahee hojii wwaajjirichaaf kenname keessaa isaa ijoo dha. Akkasumas, seera deemsa falmii yakkaa 1954 baheehaaluma haaluma walfakkaatunaangoo fi gaheen hojii poolisii maal akka ta'e haala ifa ta'een tuumee jira.

Kanaafu, hojiirraa oolmaa seerootaa hojiirra nageenyaa uumaataa mirkaneessuu fi yakki raawwatamee yoo ta'e qorannaa adeemsisuudhaan shakkamtoota gara seeratti dhiyeessuuf gahee fi dirqama waajjira poolisiif kennamee dha.

Haaluma kanaan, adeemsa toofitaa saafisa adeemsa falmii yakkaa eerga hojiirra oolee kaasee faayidaan ykn bu'aan waajjira poolisiif argamisiisee maal akka fakkaatu ilaaluun barbaachisaadha.

1.2.1. Waajjira Poolisiif

- Akkaataa deebii qaamolee haqaa irraa argameen tooftaa saffisaa erga hojiirra oolee asiitii waajjirii poolisii bu'aa ykn faayidaa armaan gadiitti ibsame akka irraa argachaa jiran mirkanaa'ee jira.

Kunnis:³⁰

- Akka kanaan duraa dhimma yakkaa hundaaf himatamaa fi raga dhiyeessuuf dhamaatiin turee hagam tokko xiqqaateef jira.

³⁰ Madda lakk. 32 ilaalataa

- Ciraan qabamee kuusaa poolisii dhiphiisaa turee ykn akka qisaasamuuf karaa banaa turee yeroo ammaa enasuma waan deebi'uuf rakkoon kun yeroo ammaa salphatee jira.
- Dhimmoota tooftaa saffisaan ilaalamaniif yeroo beellamaa ykn mirga wabiif jecha hidhamaa m/murtiitti dedeebisuun akka salphatuuf ta'e jira.
- Buufatni poolisii baay'ina hidhamaa m/murtiitti dedeebisuun akka salphatuuf ta'e jira.
- Buufatni poolisii baayina hidhamaan dhiphachaa turan yeroo ammaa lakkoofsaan ta'e jira. Qopheessaan moojuulii kana dhugaa kana yeroo godinaalee Oromiyaa keessa qo'annaa deemsisaa turee buufatni poolisii hidhamaa tokko illee hin qabne qaamaan argee jira. Hidhamaan kan jiruus yoo ta'e lamaaf sadii kan caaluu hin turee.
- Galmeen qorannaa poolisii fi A/Alangaa gidduutti sababa hanqinaatiin dedeebi'uu hafee jira.
- Raawwanaan yakkaa salphateera jedhamee afaan guutuun duubachuun rakkisaa yoo ta'uullee dhimmi yakkaa dhaddachaaf dhiyaatuu hirdhatee jira.
- Amantaan hawaasni qabuus akka fooyyaa'u godhee jira.
- Walumaagalatti, rakkoowwan xixiiqqaa hedduu waajjira poolisii bira turees hagam tokko akka salphatuu shoora kan taphatee ta'uu deebii kennitootni mirkaneessanii jiru.

1.2.2. Faayidaa ykn bu'aa Waajjira A/alangaa tiif Argamsiisee.

Akkuma waajjiri poolisii faayidaa fi bu'aa argachaa jiru, waajjiri A/alangaas adeemsa kana irraa faayidaa armaan gadiitti ibsamee argachaa akka jiru mirkanaa'e jira.³¹

- Galmee qorannoo poolisii irraa deebi'ee dhufuu qorachuuf yeroon fixaa turan yeroo ammaa hafee jira.
- Gocha yakkaa himachisuu danda'u dursaan adda baasan waan beekaniif turtii malee murtee keenuu dandeessisee jira.
- Dhaddacha irratti falmii yoo gaggeessaa hin rakkataa.
- Dhimmoota deemsa kanaan ilaalaman irratti sababii raga fi himatamaan dhiyaatuu dhabaniif galmeen cufamu hin jiru. Kun ammo humna adabsiisuu A/Alangaa akka dabaluu godhee jira.
- Ragoonni dhiibbaa adda addaatiin jecha isaani jijjiiruuf ykn hiraanfachuuf carraa waan hin qabneef raga qulqullina qabu mana murtiitti akka dhageessifatuu ni gargaraa.
- Himatamaa fi raga dhiyeessuuf akkasumas falmii gaggeessuuf mana murtiitti yeroo beellamaatiin dedeebi'uun akka salphatuuf gargaaree jira.
- Kuufamni galmee akka salphatuuf/hirdhatuu/ godhee jira.
- Gaaffilee mirga wabii waliin walqabatee falmiin gaggessuu akka salphatuuf godhee jira.
- Hawaasa birattis amantaan qabu hagam tokko akka fooyya'uuf shoora mataa isaa taphatee jira.

Dhumarratti, faayidaa ykn bu'aan kun muuxannoo kanaan duraa waliin yoo ilaaluu gaarii haa ta'uu yyyuu malee rakkoon adeemsa kanaan walqabatee yeroo ammaa hin jiru jechuu akka hin taane beekuun barbaachisaa dha.

1.2.3. Bu'aa Ykn Faayidaa Manni Murtii Argatee

³¹ Madda lakk. 33 ilaalata

Adeemsa tooftaa saffisa falmii yakkaa ilaalchisee bu'aa ykn faayidaa qaamolee haqaa biro argatan m/murtiis hagam tokko fayyadamaa akka ta'e armaan gadiitti ibsuuf ni **yaalaa**.³²

- Dhimma dhiyaatuu hoo'aa waan ta'uuf shakkiin A/seeraa murtii kennuuf qabaachuu danda'u ni salphiisaaf.
- Galmeen mirga wabii, yeroo beellama, fi jecha amantaaf fedhamee falmii dhaddacha dura deemsiisuu ni salphataaf.
- Himatamtootni deemsa tooftaa kanan dhiyaatan baay'een isaani waan amananiif raga dhagahuuf yeroo belleessuu hin jiru.
- Ragootaa fi himatamaa dhiyeessuu dhabuu A/Alangaafi poolisii waliin mormiin godhamuu ni salphataaf.

Dhumarratti, manni murtii deemsa kana keessatti faayidaa ykn bu'aawwan armaan olitti ibsaman haa argatuuyyuu malee ammas taanaan komiin mana murtii irratti ka'aa kan jiru ta'uusaa beekamaadha. Keessatu, dhimma tooftaa saffisaa kanaan walqabatee gama poolisiifi A/alangaa tiin ka'aa jiru kutaa sadaffaa jalatti kan ilaaluu waan ta'eef, manni murtii adeemsa kana keessatti faayidaa argachaa jiru irra rakkoo quunamaa jiru kan caaluu ta'uus qo'annoon godhamees mirkaneessee jira.

Kanaafu, adeemsa tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa hojiirra oolchuu irratti fe'iinsi rakkoo adeemsa kana m/murtii irratti kan hirkiifamuu ta'uusaa beekuun barbaachisaa dha.³³

1.2.4. Faayidaa ykn Bu'aa Haawaasaaf keennuu

Akkuma qaamolee haqaas fayyadamaa ta'an hawaasniis hagam tokkoo faayidaa ykn bu'aa argachaa jiru haala armaan gadiitti ibsuuf yaalamee **jira**.³⁴

³² Madda lakk. 34 fi cuunfaa gaaffii afaani irraa kan argamee

³³ Soth African Law Commission madda lakk 19

³⁴ Madda lakk. 35

- Miidhamtootni murtii ariifataa kennamuu irratti kan gammadan waan ta'eef qaamolee haqaa irratti hagam tokko amantaa kanaan dura qaban akka fooyyaa'u ni godha.
- Hawaasni wabiin ol'aantummaa seeraa akka jiruuti waan fudhatuuf abdii qabu ni dabala.
- Kutaan hawaasa raga ta'uudhaaf dhiyaatan soda malee raga ta'uu waan danda'aniif yakka ittisuuf gahee guddaa qaba.
- Yakkamtootni guyyaadhumma yakka hojjatan murtiin waan itti kennamuuf, namoota yaada yakkaa rawwachuu qaban irratti soda waan uumuuf hawaasni gocha yakkaa irraa ni eegama.
- Cirraan miidhamtootaaf dafee waan deebi'uuf hawaasni qabeenya isaatiif amantaa fi abdii ni qabaataa.

Walumaa galatti, tooftaa saffisaa deemsa falmii yakkaa faayidaan ykn bu'aan hawaasaafiis ta'e qaamolee haqaatiif kennaa jiru yoo ilaalee tajaajilii haqaa dhamaati malee baasii xiqqaadhaan akka argamuu gochuu irratti hagam tokko shoora kan qabu ta'uusaa yaada eenyumaatu waliigaluudha. Biyyooti Auroophaa tooftaa kana fayyadamaa jiraniis faayidaa fi bu'aan armaan olitti ibsame argachaa kan jiran ta'uusaa barreefama isaaniitiin ibsanii **jiru**.³⁵

Gaaffilee Marii

1. Tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa akkamitii hubatan?
2. Garaagarummaa ykn walitti dhufeenya TSAFY fi JBAH maal akka ta'e ibsa?
3. Adeemsa TSAFY fi adeemsa falmii idilee akkamitii hubatan?
4. Bu'aa ykn miidhaa TSAFY maal akka ta'e mee ibsaa?

³⁵ Madda lakk. 36, fuula 30

KUTAA LAMA

2. Tooftaa Saffisaa Adeemsa Falmii Yakkaa Fi Muuxannoo Biyyoota Biroo

Seensas

Hawaasnii addunyaa, keessatuu biyyootii dhiyaa, kuufama galmee yakkaa, rakkoon hawaasummaa fi dinagidee dabalaa fi cimaa deemuu isaaf, akkasumas yakkii raawwatamuu gosaaniis ta'e baayinaan yeroodhaa gara yerootti walxaxaa fi dabalaa deemuu irraa kan ka'e adeemsa falmii yakkaa isilaalchisee Jaraa 16^{ffaa} eegalanii sakataa'iinsa gochaa dhufani jiru. Rakkoowwan armaan olitti ibsaman kun ammo dandeetti humna raawwachisummaa qaamolee haqaa irratti gaaffii uumaa waan dhufeef sirna seera deemsa falmii yakkaa fi adabbii yakkaa gara adeemsa salphaa fi saffisaatti akka fooyyaa'uu gochuu keessatti qaama immaamata baasuuf ajandaa guddaa ta'e turee jira.

Kanuma irraa ka'uudhaan biyyoonni dhiyaa kan akka Faransaayi, Poorchuugaal, Sloovaaniyaa, Ingilaandii fi kkf dhimmoota falmii idileen ilaalamuu qaban akkum jiranitti ta'e, dhimmoota adabbii salphaa hordofsiisanii fi raga ifa ta'e kan dhiyaatuu yoo ta'e deemsa tooftaa saffisaa ta'een murtiin haalii itti kennamuu danda'u diriirsani jiru. Tooftaa deemsa salphaa hordofuu kana keessatti, murtiin kennamuu amala yakkaa, gosa adabbii murtaa'uu fi seenaa nama yakka raawwatee irratti kan hunda'e ta'ee tooftaa gara garaatti fayyadamuudhaan murtii ariifachisaa ta'e fidan jiru.

Adeemsa dhagaha falmii yakkaa saffisaa akka ta'u tooftaa fayyadamaa jiran keessaa fakkeenyaaf: Tooftaa saffisaa deemsa falmii yakkaa/Accelerated or summary proceedings), tooftaa dhagaha falmii deemsisuun bataluun murtii kennuu (Immediate Trial Proceedings), tooftaa dhagaha falmii yakkaa gabaabaa (Abbreviated proceeding) isaan

jedhaman kaasuun ni danda'ama. Tooftaa dhagaha deemsa falmii yakkaa adda addaa biyyoonni kun fayyadamaa jiran qaama seera deemsa falmii yakkaa yoo ta'u; istaandardii ykn ulaagaa mataa isaa danda'e kan qabuudha. Kuunis, yeroo kana keessatti yakka akkamiif, dhimmi yakkaa kun tooftaa saffisaan ilaalamu qabaa jechuuf qaamni aangoo qabu isa kam akka ta'e dabalatee haala ifa ta'een tumamee jira. Kutaa kana jalatti kan ilaalu muuxannoon biyyootii armaan olitti caqasaman kan keenyaa waliin addummaa fi tokkummaan qaban maal akka ta'e kan itti iaaluu ta'a. akkasumas, tooftaan saffisaa biyyi keenya fayyadamaa jirtuu bu'uuri seerummaa isaa maal akka fakkaatuu; ulaagaan dhimmi tokko tooftaa kana ilaalamu qabaa nu jechisiisuu jira ammo hin jiru? Dhimmi tokko tooftaa saffisaan ilaalamuu qaba jechuuf aangoon kan qaama kamiiti gaaffileejedhan kana irratti xiyyeefachuu ibsa kan kennamu ta'a.

Kaayyoo Gooree

- » Dhuma kutaa kana booda leenjiifamtootni:-
 - Sadarkaa TSAFY biyya keenyaatti qabu addaan baasan ni beekuu;
 - Ulaagaan TSAFY biyyooti biro fayyadamaa jira maal akka ta'e ibsu ni danda'u;
 - Dhimma yakkaa tokko tooftaa kanaan ilaaluuf biyyi keenya istaandardiin fayyadamaa jiru maal akka ta'e adda baasani ni beekuu;
 - Hanqinni tooftaan kun qabu addaan baasani ni ibsu;
 - Qabxiilee garaagarummaa biyyi keenyaa fi biyyoonni biroo qaban ibsuu ni danda'u;
 - Dhumarratti rakkoo qabatamaa hojii keessatti isaani mudaachuu danda'uuf furmaata kennuu ni danda'u

Faransaay (France)

Tooftaawwan dhagaha deemsa falmii yakkaa saffisaa fi gabaabaa ta'e adda addaa hojiirra oolchuu irratti biyyoota fakkeenya (muuxannoo) gaarii qaban keessaa biyyii Faransaayi ishee tokkoodha.³⁶ Haala biyyi faransaayi tooftaa kanaan fayyadamaa jirtuu kan haala fi amala yakka raawwatamee fi gosa adabbii balleesichii hordofsisuu irratti kan hundaa'eedha. Tooftaawwan kunnis: gosa balleessaa adabbii maallaqaa qofaan adabsiisaan³⁷ (Transaction Fine) yoo ta'anii, balleessaa yakaaxixiiqqoo kan ilaalatu yoo ta'e, murtii kennuuf aangon kan A/Alangaatti ta'a. Gosa balleessaa ajaja seera yakkaa baasuun adabsiisaan ³⁸(Issuance of penal order) kan fayyadamtuu ta'e, ajajni yakkaa kun kan bahuu yaada A/Alangaa dhiyeessuun ta'ee, ajaja waamichaa kana baasuun ykn baasuu dhiisuun aangoo m/murtiif kennameedha. M/murtii ajaja seera yakkaa baasuu yoo didee dhimmi yakkaa dhiyaatee suni falmii idileen kan ilaalamuu ta'a. Tooftaan biro ammo sirna adabbii tooftaa gabaabaan murtaa'uu danda'u ta'e, tooftaan kun kan fayyaduu namoota seera tiraaffikii darbuun balleessaa raawwtan irratti yoo ta'u, murtii adabii kennuuf kan aangeefamee poolisiidha.³⁹

Akkaataa tooftaa kanaatiin namni seera tiraaffikii darbuudhaan adabamee waajjira A/Alangaaf oliyyannoo gaafachuu ni danda'a. Oliyyannoo kanaan murtii A/Alangaatti quufuu yoo baatee gara M/Murtii tti dhiyeefachuudhaan dhagaha falmii idileen akka ilaalamuuf gochuu ni danda'a. Tooftaan inni dhummaa, tooftaa saffisa deemsa falmii yakkaa⁴⁰ (Immediate Trial or Summary Trial) kan jedhamu yoo ta'u tooftaan kun kan biyya keenyaa waliin addaan baatee kan qabu yoo ta'uullee, amala walfakaatuus ni qabu.

³⁶ ESER, ALBTIN (1996), The Acceleration of Criminal proceedings and The htm file: Maastricht Journal of

European Comparative Law, P.10

³⁷ South African Law Commission, Settlement out of court: A comparative Study of European Criminal Justice

System, German, 2001- P.52

³⁸ Madda lakk. 2 ilalata

³⁹ Madda lakk.3 ilaalata

⁴⁰ Madda lakk 4. Fuula 34

Tooftaa kanaan fayyadamuudhaaf gochi yakkaa raawwatamee hidhaa hanga wagga torbaatiin kan adabsiisuu yoo ta'e; himatamaan abukaatoo ittisaa dhuunfaa ykn kan mootummaan ramadeef waliin dhiyaachuu qaba; dhimmi isaa tooftaa kanaan akka ilaalamuu fedhiin himatamaa jiraachuu qabaa; amala fi seenaan himatamaa gaarii ta'u qabaa; yakkii raawwatamee ta'ee, sun tooftaa saffisaan ilaaluuf mijaa'aa ta'u qabaa; yakka harkaaf harkaatti raawwatamee ta'ee, ragaan dhiyaate rakkoo kan hin qabne yoo ta'e, tooftaa kanaan ilaaluun ni danda'ama.⁴¹ Kana malees, himatamaan m/murtiitti amma dhiyaatuutti hanga guyyaa 5tti hidhamee akka turuu godhama. Guyyaa shaniin booda wabiin akka ba'uu ykn yeroo beellamaan mana hidhaa akka turuu gochuudhaan dhimmisaa falmii idileen akka itti fufuu ta'a. Dhimmi yakkaa dhiyaate tokko tooftaa saffisaan akka ilaalamuuf murtii kennuuf aangoo kan qabu himatamaa yoo ta'u, gaaffiin kun m/murtiif kan dhiyaatuu A/Alangaatiin ta'a. Ulaagaaleen armaan olitti ibsaman keessaa tokko kan hirdhatuu yoo ta'e garuu, aangoon murteessudhaa kan m/murtii tti ta'a.

Muuxannoo biyya Faransaayi kana irraa hubachuun kan danda'amu, dhimma balleessaa yakkaa haala ciminaa fi gosa adabbii hordofsiisan irratti hunda'uun addaan kan qoodaman yoo ta'u; tooftaawwan kana hojiirra oolchuu keessatti ulaagaa adda addaatti kan fayyadaman yoo ta'u; dhimmi tokko tooftaa kanaan ilaaluuf qaamni murteessuuf aangoon kennameefis addaan baayee akka ta'u godhame jira. Tooftaa saffisa deemsa falmii yakkaa biyyi keenya hordofaa jirtuu kan biyya Faransaayii wajjiin bakki walitti dhufeenya qaban: ragaan dhiyaate ifaafi salphaa kan ta'ee fi murtii kennuuf mijaa'a yoo ta'e; himatamaan yakki yeroo raawwatuu harkaaf harkaatti kan qabamee ta'u qaba. Kan biyya keenyaa yoo laaluu, yakkaa hidhaa hanga waggaa meeqaa adabsiisuuf tooftaa kana fayyadamuu akka qabnu wanti daangeefame hin jiru. Dhimmi tokko tooftaa kanaan akka ilaalamuu murtee kennuuf aangoon qaama (m/murtii,

⁴¹ Madda lakk 5 ilaalata

A/Alangaa ammo poolisii) kammii akka kenname ifaan ifatti addaan baayee hin **teenyee**.⁴² Kana malees, tooftaan kun seera deemsa falmii yakkaa keessatti tumamee kan bahee miti. Haata'utii, tooftaan kun akka immaamata mootummaatti fudhatamee hojiirra oolaa kan jiru ta'uusaa beekamadha. Biyya Faransaayiitti tooftaan saffisaa kun akkuma seera deemsa falmii yakkaatti kan tumameedha. Haata'utii, haala biyya keenya yoo ilaalee garuu tooftaa saffisaa deemsa falmii yakkaa hojiirraa haa oolchituu iyyuu malee ulaagaan barbaachisaa ta'e kun bifa seeraatiin kan tumamee miti.

2.1. Porchuugaal

Ibsa armaan dura keessatti muuxannoon biyya Faransaay maal akka fakkaatuu kan biyya keenya waliin walbira qabuudhaan laalee jira. Ibsa itti aanuutti, dhagaha falmii yakkaa saffisaa gochuuf muuxannoon biyya Porchuugaal maal akka ta'e kan itti sakataanuu ta'a. muuxannoo biyya Portchuugaal irraa hubachuun akka danda'amuutti; dhagaha falmii yakkaa ishee haala saffisaa ta'een murtee laachuuf tooftaa gosa lama fayyadamtee **jirti**.⁴³ Raawwanaa tooftaawwan kanaa ulaagaalee adda addaa irratti kan hundaa'amedha.

Tooftaawwan kunnis: tokkoffaa, tooftaa saffisaa deemsa falmii yakkaa (Summary or simplified criminal procedure) maqaa jedhuun kan beekamuu dha. Dhimma yakkaa dhiyaate tokko deemsa tooftaa kanaan ilaaluuf ulaagaleen armaan gadiitti ibsaman hundii guutamani argamuu **qabu**.⁴⁴ Isaan kuunnis:-

- a) Namni yakka raawwatee harkaaf harkaatti qabamuu qaba;
- b) Ragaan dhiyaate quubsaa fi ifa ta'u qaba;

⁴² Cuunfaa gaaffii barreefamaa qo'annoo TSAFY irraa kan argamee, 2002

⁴³ Madda lakk.5, fuula 42-43 ilaalata

⁴⁴ Madda lakk.1 fuula 10 ilaalata

- c) Himannaan itti dhiyaatee tooftaa kanaan akka ilaalamuuf himatamaan eeyyamamaa ta'uu qaba;
- d) Yakkii ittiin himatamee hidhaa waggaa sadiitiin ol-kan hin adabsifnee yoo ta'e guyyoota lamaa hanga shani keessatti deemsa tooftaa saffisaa kanaan murtiin kan kennamuu ta'a.

Ulaagaan armaan olitti ibsaman kun guutamanii kan argman yoo ta'e dhimmichi deemsa tooftaa saffisaa tiin akka ilaalamuuf aangoon filachuu kan himatamaatti ta'a. **Lamaffaa**,⁴⁵ tooftaan biro Porchuugaal fayyadamtuu, tooftaa salphaa deemsa falmii yakkaa ajaja seera yakkaa (Penal order summary procedure) baasuun yoo ta'u; tooftaa kana kan fayyadamtuu gocha yakkaa salphaa ta'eef fakkeenyaaf, Danbii Seera Yakkaa cabsuudhaan balleessaa yakkaa raawwatame yoo ta'e. Akkaataa deemsa tooftaa kanaatiin, murtiin kan kennamuu dhagaha falmii yakkaa osoo hin deemsifamin ta'e; balleessaan yakkaa raawwatame sun adabbii hidhaa baatii jahaatiin ol kan hin adabsifnee ta'u qaba. Murtii deemsa tooftaa salphaa kanaan kenamee irratti himatamaan komii kan qabu yoo ta'ee oliyyannoo gaafachuu hin **danda'u**.⁴⁶

Ulaagaaleen tooftaa saffisaa armaan olitti lakkooffisa tokkooffaa jalatti ibsaman kun seera deemsa falmii yakkaa keenya keessatti yoo tumamuu baatelee qabxii walitti dhufeenyaa kan qabnuu ta'eetti mull'ata. Qabxiiwwan kunis, himatamaan yakka harkaaf harkaatti yeroo raawwachaa jiru yoo qabamee; ragaan dhiyaatee ifaa fi gahaa yoo ta'eefi murtii kennuuf dhimma isaa salphaa yoo ta'e qabxii jedhuu irratti walitti dhufeenya kan qabnuu ta'a. Haata'uttii gocha yakka adabbii hanga hidhaa waggaa meeqaa kan adabsiisuuf akka ta'e fi dhimmi dhiyaatee tooftaa kanaan ilaalamuu qabaa ykn hin qabu jedhee murteessuuf angoon kan qaama kamii akka ta'ee wanti ifatti ta'e kan hin jiree ta'uusaa akka qabxii adummaa tokkootti fudhachuun ni danda'ama.

⁴⁵ Madda lakk 8, Fuula 42 ilaalata

⁴⁶ Madda lakk 9 ilaalata

Karaa biraatiin, tooftaa saffisaa deemsa falii yakkaa (Accelerated proceedings or Immediate Trial) jechuudhaan tooftaan biyyi Faransaay maqaa kenniteef kun kan biyya Porchuugaal waliin yoo ilaaluu, tooftaan isaan hordofaa jiran tokkuma jechuun ni **danda'ama**.⁴⁷ Haata'utii, deemsa tooftaa saffisaa falmii yakkaa biyya Faransaay keessatti yeroo yakkii raawwatame kaasee hanga xumuraatti qorannaan yakkaa atoomina A/Alangaa fi poolisiidhaan kan deemsifamuu yoo **ta'u**,⁴⁸ deemsa tooftaa saffisaa falmii yakkaa biyya Porchuugal, garuu, qorannaan yakkaa haala kanaan kan adeemsifamaa jiru ta'uusaa wanti ifatti teesisee hin jiru.

Haaluma kanaan, deemsa tooftaa saffisaa falmii yakkaa ilaalchisee biyyoota gara garaa jidduutti addummaan umamuu kan danda'ef, biyyi kamiiyyuu haala jireenyaa hawaasaa fi guddina biyya of irratti hundaa'uudhaan deemsa mataa offii hordofaa kan jiran ta'uusaa kan argisiisuudha. Haa ta'utii, biyyi tokko muuxannoo biyya biraa fudhachuun faayidaa argachuun akkuma danda'amuu; muuxannoon kunakkuma jiruutii kan fudhatamu yoo ta'e miidhaa hin yaadamnee fiduus ni danda'a. Kanaafu, muuxannoon biyyoota biraa irraa fudhatamuu haala sadarkaa biyytii waliin kan deemuu ta'ee; dursaan xinxalauudhaan filatamee kan fudhatamu yoo ta'e bu'aa qabeessa ta'uus ni danda'a.

2.2. Albaaniyaa

Akkuma biyyoota kaani, biyyi Albaaniyaas seera deemsa falmii yakkaa ishee irratti fooyyaa'iinsa gooteen deemsa dhagaha falmii yakkaa salphaa ta'e umtee **jirti**.⁴⁹ Tooftaan umtee kun dhimma yakkaa hundaaf kan fayyaduu osoo hin taane, dhimmoota yakkaa murtaa'an qofaaf akka ta'e ibsa kana irraa hubachuun ni danda'ama. Toofta kana afaan Ingilifaatiin/Direct Trial or Accelerated procedure) jettee yoo waamtuu, gara

⁴⁷ Madda lakk 11 ilaalata

⁴⁸ Madda lakk 10, Fuula 34

⁴⁹ Office for Democratic Institution and Human Rights: preliminary Comment on Albania's legislation, worsen, 26 July, 2004 P.11

afaan Oromiffaatti yoo deebi'uu: Tooftaa saffisaa deemsa falmii yakkaa biyyi keenya fayyadamaa jirtuu wajjin hiikoon isa tokko ta'etti argama. Dhagaha falmii yakkaa tokko tooftaa kanaan ilaaluudhaaf ulaagaan guutamuu qaban **keessaa**:⁵⁰

- a) Himatamaan yakka harkaaf harkaatti yeroo raawwachaa jiru kan qabamee ta'u qaba;
- b) Dhimmisaa fi ragaan dhiyaatees ifaa fi kan walnama hin mormisifnee ta'uu qaba;
- c) Himatamaan gocha isaa kana kan amanee ta'u qaba;

Al-dureewwan kun kan guutamanii argman yoo ta'e deemsa tooftaa saffisaa kanaan ilaaluun ni danda'ama. Deemsa tooftaa saffisaa kun akka tooftaa dhagaha falmii yakkaa tokkotti seera deemsa falmii yakkaa keessatti tumametti jira.

Karaa biraatiin, deemsa tooftaa saffisaa kana kessatti himatamaan deebii himannaa A/Alangaa tiif deebii kennuuf qophii godhee dhiyaachuuf yeroon kan isaa barbaachisu yoo ta'e, gaaffii isaa m/murtiif dhiyeessuu ni danda'a. Manni murtiis yeroo beellamaa guyyaa sadii (3) hin caaleef eeyyamuuf akka qabu seeraan taa'e **jira**.⁵¹ Gochii yakkaa raawwatamee harkaaf harkaatti yoo ta'u baatee himannaan dhiyaate tooftaa kanaan akka ilaalamuu murtii kennuuf qaamni aangoo qabu m/murtiitti.

Tooftaa saffisaa biyyi Albaaniyaa hordoffaa jirtuu kuni hanqinnoota adda addaa kan qabuu ta'etti mul'ataa. Kunnis, deemsi tooftaa saffisaa kun gosa yakkaa hanga hidhaa waggaa meeqaatti adabsisuu danda'uuf akka fayyadaman hin daangeefamne. Haata'utii, himannaan dhiyaatee tooftaa kanaan ilaalamuuf hanga guyyaa meeqaatti turuu akka danda'uu, fi dhimmi tokko tooftaa kanaan ilaalamu qaba jechuudhaan qaama aangoo qabu adda baasan kaa'ani jiru. Kan biyya keenyaa garuu, ulaagaa kana addaan baasee kan hin keenyee ta'uusaa beekamadha.

⁵⁰ Madda lakk 14 ilaalata

⁵¹ Madda lakk 15 ilaala

2.4. Ingilaand

Ardii Auroophaa keessatti biyyooti tooftaa saffisaa deemsa falmii yakkaa dursaan hojiirra oolchan keessaa Ingilizii ishee tokkoodha. Haata'utii, Ingilizii yeroo ammaa tooftaan hordofaa jirtuu kan biyyooti Auroophaa wajjin addumaa kan qabuudha. Sirna bulchiinsa haqaa Ingilizii jalatti tooftaan gosa dhimmoota baasuun kan calqabuu balleessaa yakkaa raawwatamee irratti kan hundaa'e **dha**.⁵² Deemsi dhagaha falmii yakkaa balleessaa yakkaa salphaa fi cicciimoo tti qooduudhaan kan ilaalamuudha. Haaluma kanaan, Ingilizii tooftaa dhagaha falmii yakkaa saffisaa fi gabaabaa ta'e adda addaa hojiirraa oolchaa jirtu gosa lamaa ol-kan ta'uudha. Fakeenyaaf, tooftaan fayyadamaa jiritu keessaa tokko tooftaa akekkachisaa afaan poolisiin kennuu yoo ta'u; deemsa tooftaa kanaa belleessaan raawwatame salphaa yoo ta'e dhagaha falmii fi qorannaa yakkaa osoo hin barbaachisiin poolisiin himatmaaf ofeegannoo kennuudhaan gadiilakkisuu ni **danda'a**.⁵³ Deemsa tooftaa kana keessatti aangoon guutuu kan poolisii waan ta'eef waajjiri A/Alangaas ta'ee m/murtii kan ilaalatuu miti. Kanarratti, himatamaan balleessaa isaa ta'uu amanee fudhachuu qaba. Deemsa kana yeroo baayee kan fayyadaman namoota gareen balleessaa raawwatanii fi keessatuu, dardaraa balleesitootaa kan ta'aniifiidha.

Tooftaan inni lamaffaa, tooftaa saffisaa deemsa falmii yakkaa ykn murtii haqaa guyyaa itti aanuu keessatti kennamuu /summary proceedings or the next day justice/ jedhame kan **beekamuudha**.⁵⁴ Tooftaa kanaa "The next

⁵² Madda lakk 13, Fuula 30

⁵³ Madda lakka 17 Fuula 31

⁵⁴ Madda lakk 18, Fuula 31

day justice” sababni jedhaniif, guyyaa himanaan dhiyaatee irraa kaasee guyyoota itti aanaan muraasa keessatti murtiin kan kenamuu waan ta’eefiidha.

Kanarratti, himatamaan waliigaltee A/Alangaa waliin godhuun adeemsa kana kan filatee ta’uu qabaa. Akkasumas; yakka hojjatee amanee kan fudhatee ta’u qaba. Himatamaan kan hin amanee fi tooftaa kana kan hin filanee yoo ta’e, dhimmisaa dhagaha falmii idileen kan ilaalamu ta’a. balleessaa yakkaa salphaa ta’ee kana ilaalu kan deanda’u m/murtii maajistratii jedhamuu yoo ta’u; adeemsa kanaan dhagaha falmii yakkaa m/murtii hordofuu qabu osoo hordofuu hin barbaachisiin murtii kennuu ni danda’a. Akkasumas, qorannaan yakkaa kan adeemsifamuu poolisii qofaan waan ta’eef, akka biyya Faransaayi fi biyya keenyatti qorannaan A/Alangaa fi poolisii waliin gaggeessuun hin jiru. Akkaataa tooftaa saffisaa kanaan poolisiin fi A/alangaa gosa adabbii kamiyyuu murteessuuf aangoo hin qaban.⁵⁵ Adabii maalaqaas ta’e hidhaa murteessuuf aangoon kan kenamee m/murtiif qofaa dha. Adeemsa kanaa irratti himanaan guutuu ta’e hin dhiyaatuu, akkasumas, yakkii raawwatamee ji’a jaha ol kan hin adabamee ta’u qaba.

Yakkii raawwatamee baatii jahaa ol kan adabsiisuufi himatamaan fedhii kan hin qabnee yoo ta’e dhimmiisaa falmii idileettiin akka ilaalamuu m/murtii idileetti qajeelfama. Tooftaan sadaffaa biyyi Ingilizii fayyadamaa jirtu tooftaa himatamaan cinaan poolisii fi cinaan abbaa alangaa waliin waliigaltee uumuun jecha amantaa isaa adabii salphaadhaan tooftaa itti jijjiiruu dha.⁵⁶ Adeemsa tooftaa saffisaa kanaan, himatamaan gocha isaa kana amanuu yoo ta’e, murtiin kan kennamuu dhagaha falmii malee waan ta’eef raga dhagahuun osoo hin barbaachisiin adabbiin eenasuma kan kennamu ta’a. Jechii amantii waliigalteen kennamuu kun himanaa

⁵⁵ Madda lakk. 19 Fuula 32

⁵⁶ Madda lakk 19, fuula 31

dhiyaatee irratti ykn adabii murtaa'u ilaalchisee ta'u ni danda'a. Tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa ilaalchisee qaamni murtii kennuuf aangeefamee m/murtii maajistritii kan jedhamuu dha. Adeemsa kanaan namni himatame, jecha amantaa yoo kennee adabbii itti murta'uu qabu irraa harka sadii keessaa harkii tokko salphachuuf akka qabu seera deemsa falmii yakkaatiin tumamee **jira**.⁵⁷ Haa ta'utii, yakka ciccimoo kan ta'an, kan akka ajeechaa lubuu, dirqisiisanii gudeedduu, saamicha fi yakka qabeenyaa cimaa yoo ta'an, tooftaa kanaan gonkuma ilaaluun hin danda'amu. Akkasumas dhimmi yakkaa raawwatame suni faayidaa uummataa kun tuquu yoo ta'e, tooftaa kanaan ilaalamuus adabiin hirdhachuu hin danda'u.

Akkaataa tooftaa adeemsa falmii yakkaa biyyaa Ingilizii tiin jechi amantaa himatamaa dhaan kennamuu dhimma murteessaa ta'eedha. Adeemsi tooftaa saffisaa falmii yakkaa biyyii Ingilizii hordofaa jirtuu kan biyya keenyaa waliin yoo ilaalu addaan baatee baayee kan qabu ta'etti mul'ataa. Fkn, tooftaa saffisaa gosa yakkaa akkamiif akka tajaajiluu fi jecha amantaa himatamaa murteessaa ta'u dhabuu laalun ni danda'ama. Kana malees biyya keenyaatti balleessaa tiraaffikii ilaalchisee adabii kennuun aangoo poolisii kan ta'e biyya Ingilizii tti garuu, adabii gosa kamiyyuu murteessuu kan danda'u mana murtiin qofaa ta'uusaa fi dhimmi dhiyaate tokko tooftaa kanaan ilaaluudhaaf himatamaan pooliidhaaf ykn A/Alangaatiif fedhii kan qabu ta'uusaa dursee ibsuu qaba. Akkasumas, dhimmi yakkaa tokko turtii guyyaa meeqaan booda gara falmii idileetti naanna'uu akka danda'u kan keenyee hin daangeesine. Karaa biraatiin akkuma biyyii Ingilizii yakka ciccimoo ta'an tooftaa kanaan hin ilaalee, biyya keenyattis yakkoota akkas tooftaa kanaan ilaalama kan hin jiree ta'uusaa qo'annoo gaggeefame irraa baruun danda'ameera⁵⁸ Kana malees, akkaataa biyya keenyaatiin himanaan dhiyaatee tooftaa kanaan kan ilaalamuu yoo ta'e, himatamaan yoo amanuu baatee, dhagaha

⁵⁷ Madda lakk. 20, Fuula 32

⁵⁸ Madda lakk. 7 fi 8 ilaalata

falmii adeemasa kanaan kan itti fufuu ta'uusaa wantii ifatti taa'e kan hin jire ta'uusaatti. Kunnis, qaamolee haqaa jidduutti dhimma rakkoo ummaa jiru keessaa isaa tokko dha.

Dhuumarratti, biyyi Ingilizii yeroo ammaa tooftaan fayyadamaa jirtu (Plea bargaring) ykn jecha amantaa adabii salphaa dhaan jijjiiruu kan jedhuu ta'e innis, bakka guddaa kan qabuu ta'etti argma.

2.5. Qabxiilee Garaagarummaa kan biyya keenyaa waliin

Ibsa keenya armaan duraa keessatti muuxannoon biyyoota biraa maal akka fakkaatuu kan biyya keenya wajjin walbira qabuun ilaalee jira, ibsa itti aanuutti ammo tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa yeroo ammaanaannoo Oromiyaatti ittiin hojjachaa jiru hanqina inni qabu kan ilaaluu ta'a.

2.5.1. Bu'uura seerummaa

Tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa akka tooftaa tokkotti dhagaha falmii yakkaa akkaataa adeemsi isaa itti saffisuu danda'u kan mijeessuudha malee biyya keenyatti seeraatumee akan bahee akka hin taane laalee **jira**.⁵⁹ Haa ta'utii, tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa gosa adda addaa biyyoonii Auroophan itti fayyadamaa jiran hundii seera deemsa falmii yakkaa isaani keessatti kan tuman waan ta'eef, tooftaa kanas akkuma sirna dhagaha falmii yakkaa tti ittiin hojjachaa jiru.

Biyya keenyatti garuu, tooftaan kun qaama seera deemsa falmii yakkaa osoo hin taane akka imaammata mootummaatti qaamoleen haqaa itti hojjachaa akka jiran ni **beekama**.⁶⁰ Kanaafu, tooftaan kun bu'uura seerummaa akka argatuuf seera deemsa

⁵⁹ S.Africa Law Commission, A comparative study of European Criminal Justice System. German, pp. 30-56

⁶⁰ Madda lakk. 23 ilaala

falmii yakkaa keenya keessatti tumamee kan bahee miti. Kana waan hin taaneef, dhimma yakkaa dhiyaate tokko tooftaa kanaan ilaalamuu kan qabuu fi kan hin qabnee addaan baafachuu irratti qawaa uumee **jira**.⁶¹ Akkasumas, dhimmi dhiyaatee tokko tooftaa saffisaan laalamu qabaa ykn hin qabu jechuudhaan murtee kennuuf qaamni aangoo qabuus addaan baayee kan beekamuu miti.

Kunnis, mootummaan yeroo ammaa, tajaajila saffisaa ta'e hawaasaaf kennuuf jecha imaammata hordofaa jiru keessaa tokko tooftaan kana ta'uusaa kan **argisiisuudha**.⁶²

Kanaafu, hojimaata tajaajila saffisaa ta'ee qaamolee haqaa keessatti dhugoomsuun kan danda'amu mala sayinsaawwaa ta'e akkanaa hordofuun barbaachisaa fi murteessaadha.

2.5.2. TSAFY Ulaagaalee Barbaachisaa Ta'an

Akkuma beekamu tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa tooftaa hdagaha falmii yakkaa waan ta'eef, heeraa fi seeroota biyyatii wajjin walitti bu'uu akka hin qabnee ni beekama. Hojimaatiin, barmaatilee fi murteen abbaa aangoo kamiyyuu heeraa biyyatii waliin kan walitti bu'uu yoo ta'e fudhatama akka hin qabnee ifatti taa'e **jira**.⁶³ Haa ta'utii, bu'aan tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa kan caaluu haa ta'uuyyuu malee ulaagaan ifaan taa'e kan hin jiree waan ta'eef raawwii keessatti rakkoo uumamuuf sababa isaa ta'e **jira**.⁶⁴

⁶¹ Madda lakk. 23 ilaalata

⁶² Labsii qaamolee raawwachiftuu irra deebii'uun foyyeessuuf bahe labsii lakk 132/2000

⁶³ Heera mootummaa Federaalawa labsii lakk.1 bara 1995 kwt. 9(1).

⁶⁴ Madda lakk. 26 ilaalata.

Karaa biraatiin adeemsa tooftaa saffisaa biyyootii Auroophaa fayyadamaa jiran yoo laalee, ulaagaalee ykn istaandardii ifa ta'e kaa'uu dhaan ittin hojjachaa akka jiran armaan olitti ilaalee jiraa.

Fakkeenyaaf: Dhimmi yakkaa tokko tooftaa saffisaadhaan ilaaluudhaaf qabxiiwwan armaan gadiitti ibsaman hundii guutamaanii argamuu akka qaban seera deemsa falmii yakkaa isaanii keessatti tumani jiru.⁶⁵ Ulaagaaleen kunnis,

1. Yakkchiii harkaaf harkaatti kan raawwatamee ta'u qaba.
2. Ragaan ifaa fi gahaa ta'e jiraachuu qaba.
3. Yakkaii rawwatamee sun hanga hidhaa waggaa meeqaatti kan adabsiisuu akka ta'e addaan baasani kaa'ani jiru.
4. Dhimmichi salphaa fi mormii kan hin kaasisnee ta'u qaba.
5. Himatamaan fedhii isaatiin tooftaa kana filachuu qaba.
6. Dhimmichi yeroo raawwatamee kaasee hanga guyyaa meeqaatti turu akka qabu lafa kaa'amee jira. Kana jechuun, guyyaa seeraan murtaa'e sana keessatti m/murtiif kan hin dhiyeesine yoo ta'e gara falmii idileetti akka naanna'u danda'u ibsamee jira.
7. Hanga guyyaa murtaa'e sanatti himatamaan haala maaliin akka turuus ifatti taa'e jira; fakkeenyaaf, hanga dhaddachaatti dhiyaatutti too'annaa jala akka turuu godhama malee wabiin akka bahuu kan hin eeyyamaamne ta'uusaa seeraan tumanii jiru.
8. Karaa biraatiin, yakka harkaaf harkaatti raawwatamee ta'uus yoo baatee, himatamaan fedhii isaatiin dhimmisaa tooftaa kanaan akka ilaalamuuf yoo gaafatee ulaagaan tooftaa kanaan ilaaluuf barbaachisaa ta'e kan guutamee yoo ta'ee adeemsa kanaan ilaaluun ni danda'ama.
9. Murtii abbukaattoota filatee falmii idilee kessatti qabu asittis ni kabajammaa.

⁶⁵ Madda lakk 1 Fuula 6-18

Haa ta'utti, gara tooftaa saffisaa biyyi keenya yoo dhufnee garuu, himatamaan yeroo yakka harkaaf harkaatti raawwatuu kan qabamee fi ragaa gahaa ta'e waliin kan dhiyaatu yoo ta'e, tooftaa kanaan ilaalama jechuu irraan kan hafee akka ulaagaatti wanti taa'e hinjiru. Kana jechuun, ulaagalee lakkofsa 3-hanga 9ffaa tti armaan olitti ibsaman kuni biyya keenya keessatti haala ifa ta'een seera deemsa falmii yakkaa keessatti kan hamatamee miti.

Seera deemsa falmii yakkaa amma hojiiirraa jiru fooyyeessuuf yeroo kan gaafatuu yoo ta'ellee, ulaagaan/istaandardiin/ tooftaa kana raawwachisuuf nufayyaduu bifa qajeelfamaatiin ta'uu illee bahuu akka qabu dhimma ifa ta'eedha. Bakka kun hin jireetti garuu, waldhabdee qaamolee haqaa jidduutti umaniif sababni ta'uun tajaajila haqaa hawaasni argachuu qabuu irratti guufuu ta'u ni danda'a. Haa xiqqaatuu iyyuu malee, yeroo ammaa darbee darbee guufuu ta'a kan jiru ta'uusaa mallattoon ni **mul'ataa**.⁶⁶

Biyyoon Auroophaa armaan olitti ibsaman: kan akka Faransaay, Albaaniyaa fi Porchuugaal yoo ilaalyuu ulaagaa tooftaa kanaaf ta'u sirriidhaan kan kaa'an waan ta'eef, waldhabdeen qaamolee haqaa jidduutti umamuu danda'u salphisuu irratti gahee ni qabaataa. Kana malees, dhimma akkamii tooftaa kanaa ilaalamuu akka qabuu fi hanga yoomitii turuu danda'a kan jedhuus ilaalchisee iftoomina waan qabuuf mormiin jidduu qaamolee kanaatti ka'uu hin jiru. Kan biyya keenya yoo ilaalee garuu ,hanqinnoota hedduu kan qabuu waan ta'eef adeemsi raawwii keessatti rakkoo umee **jira**.⁶⁷

2.5.3. Dhimma Tokko TSAFY tiin Akka Ilaalamuu Murtee Kannuuf Qaama Aangoo Qabu

Dhimma yakkaa dhiyaate adeemsa tooftaa saffisaan akka ilaalamuu murteessuuf qaamni aangoo qabu eenyuu akka ta'e

⁶⁶ Cuunfaa gaaffii afaani qo'annoo TSAFY irratti adeemsifame irraa kan argame. Bara 2002.

⁶⁷ Madda lakk 31 ilaalata

ulaagaa jiraachuu qabu keessaa inni kunni isaa murteessaa dha. Biyya Albaaniyaa irraan kan **hafee**⁶⁸ biyyoonni kan akka Faransaay, Ingilizii fi Poorchuugal yoo fudhanee dhimma kanarratti qaamni aangoo qabu himatamaa ta'uusaa ifatti teesiisani **jiru**.⁶⁹

Haala biyya keenya kan fudhamuu yoo ta'e garuu, qaamnii dhimma kanaaf aangeefamee kan hin jiree ta'uusaatti. Kuni ammo, qaawaa waan uumeef qaamolee haqaa jidduutti mormii uumamuf sababa ta'e jira.

Dhumarratti, sababa jiraachuu dhabuu ulaagaalee tooftaa saffisaa kana irraa kan ka'e rakkoon uumamaa jiruu kun yeroodhaaf salphaa haa fakkaataan iyyuu malee fuula duraaf osoo hin qaancariin furmaata argachuu akka qaban asummaan yaadachisuun barbaachisaa dha. Dhabamuu ulaagaalee kana irraa kan ka'e rakkoo qabatamaan mul'achaa jiru maal akka ta'e keezii wliin kaasine kutaa sadaffaa keessatti kan mari'anuu waan ta'eef, dhugaa lafa irraa jiru achumatti waliin kan ilaaluu ta'a.

Gaaffilee Maree

1. TSAFY ilaalchisee biyyootni biro ulaagaa baasaan jiru, biyyi keenya ulaagaa kana baastee jirtii? Maddii odeeffannoo keessan maaliin?
2. Ulaagaa kana kan hin qabnee yoo ta'e, dhabamuun isaa raawwii irratti rakkoon uumee ni jira? Rakkoo ni jiraa jeetan tarreessaa?
3. Dhimmi yakkaa dhiyaate tokko TSAFY tiin kan ilaalamuudhaa ykn tooftaa kanaan kan ilaalamuu miti jechuudhaan wanti ittiin addaan baaftan maaliin? madda safartuu keessaa ibsa?
4. Haala qabatamaa yeroo ammaa jirun, dhimmi yakkaa dhiyaate tokko tooftaa kanaan ilaalamuu qabaa ykn ilaalamuu hin qabu

⁶⁸ Madda lakk 16 ilaalata

⁶⁹ Madda lakk 30 ilaalata

jechuudhaan murteessef qaamni aangoon kennamee ni jira? Yaa ibsamu?

5. Yakka harkaaf harkaatti raawwatame hundaa tooftaa kanaa ilaaluun ni danda'ama dhugumaa ykn dharummaa yaada kana irratti marii'adha.

Keezii

1. Himatamaan Ob. Salamoon Waldee, jedhamuu balaa konkoolaataa gaaffa guyyaa 9/9/2001 naannoo qooqaa tti geesiseen nama tokko waan ajeeseef himatamee jira. Galmeen qorannaa qulqulla'e aanaa Loomee irraa gara Waajjira haqaa godina B/shawaatti gaaffaa 21/9/2001 dabree jira. A/Alangaa godina B/shawaa galmee kana adeemsa tooftaa saffisaan akka ilaalamuuf raga waliin m/murteetti dhiyeefatee jira. MM Ol'aanaa B/shawaa garuu; dhimmi kun adeemsa tooftaa saffisaan kan ilaalamuu miti jechuun gaaffii A/Alangaa kuufaa godhee jira M/murtii R/A/Alangaa dhagahuuf gaaffaa 27/09/2001 tti beellama kennee jira. Himatamaan mirga wabii yeroo gaafatuu A/Alangaa osoo mormaa jiru m/murtii eeyyamefii jira. Beellama yeroo lamaaffaa tti garuu,himatamaan osoo hin dhiyaatiin achummaan bade jira.

Gaaffii

- A. Dhimmi kun tooftaa saffisaan kan ilaalamuu dha? Maaliif?
- B. Mirgii wabii eeyyamamuufi hin qabu jedhee osoo mormaa jiru m/murtii eeyyamuu isaa akkamitti ilaaltuu?

KUTAA SADII

3. Raawwannaa Tooftaa Saffisaa Adeemsa Falmii Yakkaa:

Haala Qabatamaa Oromiyaa

Seensa

Ibsa keenya kutaa duraa keessatti TSAFY ilaalchisee muuxannoon biyyoota Auroophaa maal akka fakkaatuu fi sadarkaa tooftaa kanaa kan keenya waliin ilaalee jira. Akkasumas, biyyoonni kun tooftaa kana hojiirraa oolchuuf ulaagaaleen fayyadamaa jiran maal akka ta'ee fi tooftaan kun seera deemsa falmii yakkaa keessatti kan tumame ta'uusaas dabalataan liaalee jira kutaa kana jalatti ammo tooftaa saffisa falmii yakkaa erga naannoo keenyaatti hojiirra oolee calqabee raawwannaan isaa sadarkaa maalirra akka jiruu fi hanqinnooni raawwii keessatti mul'atan maal akka fakkatan haala qabatamaa jiru waliin kaasinee kan ilaaluu ta'a. Dabalataaniis, murtii ariifachisaa kennuu fi tooftaa saffisa hojiirraa oolchuu keessatti mirgi himatamaan qabu akkamitti eegamaa akka jiruu fi hanqinni qamolee haqaa biratti mul'achaa jiru maal akka ta'e kan itti sakataanuu ta'a.

Kaayyoo Gooree

Dhuma kutaa kanaan booda leenjiifamtootni:-

- Sadarkaa raawwii tooftaa saffisaa yeroo amma irra jiru addaan basani ni beekuu;
- Hanqinni raawwii keessatti mul'atee maal akka ta'e beekuu ni danda'u.
- Dhimmoota tooftaa kanaan ilaalamu qabanii fi laalamuu hin dandeenyee addaan ni baafatuu.
- Adeemsa tooftaa kana keessatti mirgoonni himatamaa akkamitti eegamuu akka qabu ni beekuu.
- Rakkoo raawwii keessatti isaan mudatuu hikuu ni danda'u.

3.1. Sadarkaa Raawwii TSAFY

Naannoo Oromiyaa keessatti tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa bara 2002 irraa eegalee hojiirra oolaa akka jiru dhugaa eenymtuu beekuu dha. Kaayyoon tooftaa kanaa dhimmoota ijoo ta'an lama irratti kan xiyyeefatee haa ta'uuyyuu malee rakkoowwan xixiqqoo ta'aniis furaa kan jiru ta'uusaa odeeffannoo argame irraa hubachuun ni danda'ama. Dhimmoonni ijoo ta'an kun: Tokkffaa, dhimmoon yakkaa adeemsa kanaa ilaaluuf mijaa'a ta'an battalumatti murtii waan argataniif, galmeen kanaan duraa qaamolee haqaa biraatti kuufamaa turee akka salphatuu (gadii bu'uu) gahee isaa taphatee jira. Lamaffaa dhimmooti salphaa fi raga gahaa qaban beellama gabaabaa kennamuun murtiin kenamaa waan jiruuf dhimmoon lafarraa harkifamaa akka xiqqatatan waan godheef, qaamni haqaas ta'e, hawaasni adeemsa kanaan yeroo fi mallaqaan isaani akka quusatamuu godhee **jira**.⁷⁰ Haala qabatamaa yeroo ammaa jiruun, tooftaan kun qaamolee haqaa birootti kakaa'umsa uumeen dhimmooti yakkaa ciccimoo ta'aniis haala saffisaa ta'een murtii akka argatan gochaa kan jiru ta'uusaa raga bahuun ni danda'ama. Fkn, adeemsa tooftaa saffisaa irratti qo'annoon yeroo gaggeefamu akka duraani ---- argamee hidhamaan buufataa poolisii dhiphiisuu hin jiru, akkasumas, bakka tokko tokkotti dhaddachii yakkaa duwaa ta'ee argamuun isaa madda bu'aa tooftaa kana akka ta'e odeeffannoo argamees ta'ee do'wii qaamaa godhameen mirkaneessuun **danda'ameera**.⁷¹

Qo'annoon kun akka mul'dheesetti, yeroo ammaa kana raawwiin tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa sadarkaa gaarii irra kan jiru ta'uusaa odeeffannoo argamee waabii nuuf ta'u ni **danda'a**.⁷²

⁷⁰ Cuunfaa gaaffii barreefamaa qo'annoo TSAFY irraa argame

⁷¹ Cuunfaa gaaffii afaani irraa argamee fi dowwii qaamaa

⁷² Madda lakk 1 ilaalata

Haata'utii, raawwannaan tooftaa saffisa deemsa falmii yakkaa sadarkaa gaarii irraa haa jiraatuu iyyuu malee hanqinnaa adda addaa kan qabu ta'uusaa dagachuun nurra hin jiru. Hanqinooni deemsa tooftaa saffisaa kana keessatti mul'achaa jiran maal akka ta'an ibsa armaan gadii keessatti kan ilaalu ta'a.

3.1.1. Galmee Qorannaa Ilaalchisee

Tooftaa saffisa deemsa falmii yakkaa hojiirraa oolchuu jechuun, hojiiwwan hojjatamuu qabanii fi sirnooni deemsa falmii yakkaa keessatti kabajamuu qaban bira ni darbamuu jechuu akka hin taane beekuun barbaachisaadha. Tooftaan saffisa deemsa falmii yakkaa biyya keenyatti seera ta'uu baatuus,, deemsi dhagaha falmii yakkaa osoo walirraa hin cicciitiin yeroo gabaabaa keessatti murtii kennuuf tooftaa nu gargaaruu keessaa isaa tokko ta'u ibsa kutaa tokkooffaa keenya jalatti ilaalee jira.

Kaayyoon yakki raawwatame itti qoratawwaaf, gocha yakkaa raawwatameera jedhamee tokko haalla haqummaa fi ogummaa irratti hundaa'een qorachuudhaan namooti gocha sana raawwataniifi hirmaannaa qaban addaan baasuun adabbii barsisaa ta'e akka argatan gochuuf akka ta'e ifaa dha.⁷³

Kun ammo ta'u kan danda'u, galmeen qorannaa yakkaa kamiiyyuu, deemsa tooftaa saffisaa kanaan kan ilaalamuus dabalatee, haala gadiifageenya qabun kan qoratamuu yoo ta'e malee dhugaa jiru baasuuf rakkisaa dha. Fedhii galmee baay'ee murteessuu fi ariitii irraa kan ka'e namooni himatamuu qaban osoo hin himatamiin akka hin hafnee, akkasumas, ragaan barbaachisaa ta'e osoo sirriitti hin funaanamiin galmee hanqinaa qabu mana murtiitti dhiyeessuun himatamtootni balleessaa qaban adabbii jalaa akka miliqan gocha yaada kana kan deegaruu galmee muraasa ta'e akka fakkeenyaatti ilaaluun ni danda'ama.

⁷³ Gole, George fi marc.G Certz, The criminal Justice System Politics and prdicies, 7th ed. USA, 1992. P3

Himata A/Alangaa galmee yakkaa M/D/00086/2002 ta'een A/Alangaa himannaa S/Y bara 1996 bayee kwt. 809 jalatti **dhiyeesseen**,⁷⁴ himatamaan Ob. Sisaay Zawuduu, kan jedhamuu gaafa 27/3/2002 A.L.I tti halkan keessaa sa'aatto 6:30 yoo ta'u, maagalaa Duukam ganda 01 naannoo hoteelaa Baalee jedhamutti meeshaa waranaa shuguxii makaaroovii jedhamu lakk. Kan hin qabne eeyyama tokko malee haala seeraan ala ta'een rasaasaa fakkataa isaa 5 wajjiin qabatee waan argameef, yakka meeshaa waranaa seeraan ala qabate argamutiin tooftaa kanaan himatamee jira. Himatamaan kun garuu jecha yoo kennuu meeshaa kana kan nutii keenee Ob. Kababaa Tashomaa nama jedhamuu akka ta'e jecha kenneen ibsa jira. Namni meeshaa ofiisattif hidhatee nama biratti dabarsee kennuun yakka akka ni beekama. Haata'utii, namni kun waamamee jecha himatamuumaa isaa kennuu osoo qabu bira dabramee jira. Kana malees, qaamni meeshaa waraanaa lakkofisa hin qabneef eeyyama kennees haaluma kanaan waamamee jecha isaa kennu osoo qabuu kun hin godhamnee. Kun immoo kan argisiisuu qorannaan adeemsifamaa jiru ammaam laafaa akka ta'e hubachuun rakkisaa hin ta'u. Gocha kana gadii qabnee yoo ilaalee, halkan keessa sa'atti 6:30 tti himataamaan kun meeshaa kana qabatee hoteelaa fuuldura dhaabbachuun isaa kaayyoo maaliif akka ta'e qorannaa kanaa keessatti wanti inni gaafatamee hin jiru. Akkasumas himatamaan kun konkolaataa poolisii yammuu arguu figuu isaatiif turuuf poolisii duukaa bu'ee kan qabee ta'u jecha ragaatiin ibsamee jira. Kunis maaliif akka figee qorannaa keessatti wanti ta'e tokko hin jiru. Haaluma kanaan, himatamaan gaafa guyyaa 28/03/2002 borumtiisaa dhaddachatti dhiyaatee jecha isaa A/Alangaa fi Poolisii biratti keenee turee irra deebii'ee kennee jira. Haaluma walfakkaatuun, rakkoon sadarkaa qorannaa turee gara mana murtii yoo dhufuus calaqisee jira. Himatamaan nama meeshaa itti keenee kana akka raga ittisaatti yoo waamuu; namni meeshaa isaa nama biraatii dabarsee kennee himatamaa ta'uu osoo qabu, raga ittisaa ta'e yeroo

⁷⁴ A/A Vs Sisay Zawudee -----

dhiyaatuu gama A/A/angaatiin ammas mormiin ka'ee waan hin hinjireef himatamaan bilisa bayee jira. Kun kan argisiisuu nama qabamee qofa adabsisuuf deemuu malee dhimma xiyyeeffannoon kennamuufi qabu, gababa ariitii irraa kan ka'e kan dagatamuu t'uusaa ifaa dha.

Haaluma walfakkatuun himannan A/Alangaa galmee yakkaa lakk. 19966 ta'e irratti **dhiyeesseen**,⁷⁵ Ob. Mootii Habtamuu namni jedhamuu yakka saamichaa raawwachuu isaatiif keewwata seeraa yakkaa 713 jalatti gaafa 24/3/2002 tooftaa kanaan galmeen himannaa itti banamee jira. Himatamaan jecha isaa poolisiifi A/Alangaa biratti yammuu laatu, gocha kana kanaan raawwadheef namoonni Taamiraat Fayisaa fi Qawuree jedhaman yakka kana akkan raawwadhuu namoonni kun waan na ajajaniif jedhee jecha isaa kennee jira. Manni murtiis raga dhagahuun himatamaa kana qofa adabee jira. Galmee kana irraa hubachuun akka danda'amutti namoonni maqaan isaani dhahamee kun balleessaa kana keessaa hirmaannaa kan qaban ta'uus ta'uu baatuus qorannaa kanaan jecha isaani kennuu qabu turan. Haa ta'utii, dhimmichi maqaa tooftaa kanaan kan dhiyaatee waan ta'eef murtiin kenname jira.

Galmeewwan armaan olitti akka fakkeenyaatti fudhataman irraa wanti hubachuu dandeenyuu, namoota qabaman qofa irratti xiyyeefachuudhaan adabsiisuuf yeroo figamuu, namoonni, gocha yakkaa raawwatamee kessaa gahee qaban osoo hin adabamin miliqaa akka jiran kan ifatti mul'dhisuudha. Qo'annaa bara 2002 keessa raawwannaa tooftaa kanaa irratti gaggeefamee turee irraa odeeffannoon argamees dhibbantaadhaan yoo laalluu haa xiqqaatuu iyyuu malee, hanqinni qulqullina galmee kan jiru ta'uusaa mirkaneessee jira. Kanaafu, qorannaan yakkaa yeroo ammaa adeemsifamaa jiru guutumaan guutuutti rakkoo tooftaa saffisaa qofa osoo

⁷⁵ A/A Vs Mootii Habtaamuu (MMO Wallagaa, lakk.Galmee 19966/2002(kan hin maxanfamne)

hin taanee hanqina dandeetiis kan of-keessaa qabu ta'u hubatamee **jira**.⁷⁶ Waan kana ta'eef, dhimmooti yakkaa gadii fageenyaan qoratamuu qaban irratti qorannaan barbaachisaa ta'e godhamee falmii idileen ilaalamuu qaba malee, baay'ina dhimmoota tooftaa kanaan murtee argatan amma kana jechuun gabaasaa dhiyeessuuf yoo ta'e faayidaa kan hin qabnee **ta'a**.⁷⁷

Yakka hoo'aa ta'e hundaa tooftaa kanaan murtii keennisisuuf hawwii qabaachuun gaarii ta'e, garuu, adeemsi qorannaa raawwatamuu qabu osoo hin xumuramiin galmee okkoolaa ta'e m/murtii tti dhiyeessuun bu'aa malee harka duwwaa deebii'un akka jiru beekuun barbaachisaa dha.

3.2.1. Qulqullina Murtii Ilaalchisee

Tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaa akka tooftaa tokkotti dhimmoota adda ta'an irratti falmii idilee cinaatti murtii ariifachisaa ta'e yeroo gabaabaa keessatti akka kennamuu kan nu gargaaruu ta'uusaa armaan olittis ibsame jira tooftaan kun hanga ulaagaa hin qabneetti, manni murtii dhagaha falmii yakkaa tooftaa kanaan ilaalu gaaffii fi fedhii qaama biraa irraa bilisa of gochuun adeemsa seeraa qofa hordofuudhaan dhimma dhiyaateef ilaalu akka qabu beekamaa dha.

Dhimmooti yakkaa tooftaa kanaan ilaalu keessatti hanqinni qulqullinaa hojii poolisii fi A/Alangaa biratti mul'atee mana murtii biratiis mul'dhachuun isaa hin hafinee. Keessatuu, mana murtii biratti hanqinnootiin mul'atan deemsa ariitii qofa osoo hin taanee ga'uumsaaniis kan walqabatuu ta'etti **mul'ataa**.⁷⁸ Rakkoon gama mana murtii ilaalchisee ka'uu qabu; namoota maqaan ibsamee ykn ragaa dhiyaachuu qabu kan hinguutamnee yoo ta'e, A/Alangaa himannaa akka fooyyeefatee dhiyaatuu gochuu irratti wanti godhame hin jiru. Haa ta'utti deemsa falmii idilee

⁷⁶ Madda lakk.3 ilaalata

⁷⁷ Madda lakk. 2 ilaalata

⁷⁸ Madda lakk. 7 ilaalata

kessatti himanaan A/Alangaa hirdhina kan qabu yoo ta'e himannaa isaa fooyyefatee akka dhiyaatu ni godhama. Tooftaa kanaan garuu galmee dhiyaate hanqina osoo qabu biraa darbuun waan jiruuf adeemsi kun kan beekamuu hin fakkatuu. Kun yoo godhamuu, fedhii haqaa mirkanneessuuf malee fedhii nama biraa gammachisuuf akka hin taanee beekamaa dha.

Hanqinni qulqullina murtii kan madduu dhimma hundaa adeemsa kanaan ilaaluuf yaaliin yammuu godhamu akka ta'e, galmee ilaalaman muraasa irraa hubachuun danda'amee jira.

Fkn:- Himatamaan Yoonaas Hayiluu jedhamuu badhaadhina hin malee argachuuf jecha aanaa Adaamaa keessatti gaaffaa 02/11/00 guyyaa keessaa sa'aatti 7 yoo ta'u, shiboo xilaa fayyadamuun saanduuqa teelee keessaa qarshii sadii fi santima digdami shan (\$ 3.25) yeroo fudhachaa jiru harkaa fi harkaatti waan qabameef himatamee jira. Dhimma kana irratti A/alangaa himannaa isaa S/Y kwt. 669(1) jalatti dhiyessee jira. Himatamaan gocha yakkaa jedhamee kana kan hin raawwannee ta'uusaa jecha isaa m/murtiitti, kennee **jira**.⁷⁹ Haaluma kanaan A/Alangaa ragaa isaa akka dhageesifatuu m/murtii waan ajajeef, abbaan alangaa ragaa namoota lama dhiyessee dhageesifatee jira. Kanaan booda, himatamaan akka ofirraa ittisuu itti himamee, ragaa ittisaa hin qabuu waan jedheef, m/murtii ragaa abbaa alangaa fi maallaqa ciraan qabame irratti hundaa'uun murtii kenneef sababa murtee yeroo ibsuu gochii raawwatamee qabeenya uummataa irratti waan ta'eef S/Y keessata 669(1), jalatti balleessaa godhee jira. Akkasumas, himatamaan gocha kana raawwachuun isaa amala badaa kan qabu ta'u waan argisiisuuf S/Y kew. 84(1) dabalataan tuqqachuudhaan adabbii hidhaa wagaa 10 tiin adabee jira. Adeemsa m/murtii kana irraa hubachuun akka danda'amuutti, S/Y keewwata. 669(1) keewwata durumaanuu cimuudhaan tumamee waan ta'eef yeroo lamaaffaaf akka cimuu gochuu kan hin danda'amnees ta'uusaa dagachuun

⁷⁹ A/A Vs Yoonnas Haayiluu (MMA Adaamaa lakk.Galmee 28931, 200) (kan hin maxanfamnee)

adabbiin si'aa lamaa akka cimuu waan godhameef gochi raawwatamee fi hidhaa murtaa'e kan walii hin gitnee ta'e jira. Haa ta'tuttii, dhimmi kun oliyyanoodhaan mana murtii ol'aanaatti sirraa'uun adabbiin kennamee turee gara waggaa lamaatti akka deebi'uu taasifamee jira.

Kana malees, dhimma yakkaa tooftaa kanaan dhiyaatee irratti ragoonni ragummaaf dhiyaatan namoota hirmaannaa qabanmaqaa isaanii osoo ibsaa jirani, m/murtii caliisee biraa darbaa jira. Kanaanis, hanqinni kun bakka jirutti A/Alangaa himannaa isaa fooyyeefatee akka dhiyaatuu godhamaa waan hin jireef, namoon balleessaa ta'an akka hin gaafatamnee sababa ta'a kan jiru ta'uusaa galmee ilaalamee irraa hubachuun ni danda'ama

Fkn:- himata A/alangaa Ob. Sisaay Zawuduu irratti dhiyeessee irratti, himatamaan kun meeshaa waranaa shugguxii makaarroofii lakkofsa hin qabnee rasaasaa fakkaataa isaa 5(shan) waliin halkan keessaa sa'attii 6:30 hoteelaa baalee jedhamuu fuula duraatti qabatee yero dhaabachaa jiru poolisii argee baqachuuf jedhuu qabamee **jira**.⁸⁰ Himatamaan kun jecha isaa yoo kennuu garuu, meeshaa kana namni biraa akka itti kennee m/murtii irrattiis ibsee jira. Haa ta'utii, m/murtiis namni maqaan dhahamee kun meeshaa of hidhatee nama biraatii dabarsee kennuun gocha seeraan gaafachisuu akka ta'e ni beekaa. A/Alangaa himannaa isaa fooyyeefachuuf gaaffii dhiyeessuu yoo baate illee, nageenyaa haawasaa fi faayidaa haqaa eegsiisuuf jecha m/murtii sochii mataa isaatiin himannaa kana akka fooyyeefatuu gochuu ni danda'aa turee, kana garuu, hin gonnee. Kun kan argisiisuu ammo, dhimma dhiyatee tooftaa kanaan ilaaluuf fedhii jiru irraa kan ka'e sirni deemsa falmii akka dagatamaa jiru kan mul'dhisuudha.

Haaluma walfakaatuun, himataa A/Alangaa godina harargee lixaa lakk. Galmee 13454 ta'een yakka yaalii ajeechaa fi qaama hirdhisuutiin tooftaa kanaan saamu'eel Damisee irratti himaannaan banamee jira. Himatamaan

⁸⁰ A/A Vs Sisaay Zawuduu (MMA Aqaaqii lakk.Galmee 11436,2002(Kan hin maxanfamnee)

kun gocha kanaan kan himatamee miidhamaa dhuunfaa Daani'eel Alamaayyoo kan jedhamuu waardiyyaa irraa osoo jiru bakka hojii deemuun mancaa fi dhagaan reebuu isaatiif himannaa dhiyaatee dha. M/Murtii ol'aanaa himatamaa kana gocha isaa keewwata seeraa 27-539 fi 530 jalatti gocha lamaan rawwateef hidhaa waggaa 15 adabee **jira**.⁸¹ Haa ta'uttii, dhimmi kun m/m/waliigala Oromiyaaf ol'iyyannoon waan dhiyaateef himatamaan bilisa ta'e jira. Murtii M/M/W/Oromiyaa keessatti yaadni ibsamee yoo ilaalamuu akkas jedha. Himatamaan kun qaamaaniis ta'e haala qorannaa dhiyaatee irraa hubachuun akka danda'amuutti, nama meeshaa waraanaa qabatee wardiyyaa irraa jiru, sanummaayyuu magaalaa Ciiraa walakkaa keessatti sa'atti lamatti himatamaan kun yakka kana yeroo raawwatuu ragaan ijaa tokko akkamitti kan argee dhabamuu danda'a yaada jedhuu kaasuun himatamaa bilisa godhee jira.

Galmeen qorannaa kun rakkoo kan qabu ta'uusaa tilmamuun ni danda'ama. Haa ta'uttii, shakki, M/M/W/O, ibsa irraa hubachuun kan danda'amu, galmeen qorannaa kun, nama biraa adabbii jalaa baasuuf jechaa kan dhiyaatee ta'uus waan danda'uuf; M/M/O godina Harargee Lixaa irraa kan ka'e mirkaneefachuun hin dandeenyee. Kunis, dhimmoota ciccimoo ta'an hundaa adeemsa toofta kanaan ilaaluuf jecha dhimmooti dhiyaataan gadii fageenyaan hin ilaaliin murtii kenamaa yoo ta'ee, mirga namaa irratti hammaam dhiibbaa akka qabu tilmaamuun nama hin rakkisuu.

Hanqinnoota hundaa kaasuuf yeroofi daangaa moojuulichaa tuquu waan ta'eef, adeemsa tooftaa kanaan walqabatee gaaffii A/alangaa fi poolisiif deebii kennuuf jechaa murtii ariifachisaa **ka'uun** rakkoo uumaa kan jiruu ta'uusaa gaaffii barreeffamaa fi afaanii qo'annaa adeemsisuuf gaggeeffamee irraas hubatamee jira.

⁸¹ A/A Vs Saamu'eel Damisee (MMO G/Harargee lixaa. Lakk.Galmee 13454, 2001 (kan hin maxanfame))

Karaa biraatiin dhimmi tokko tooftaa saffisaan akka ilaalamuuf A/Alangaa ykn poolisiin gaaffii yoo dhiyeessan, m/murtii gaaffii kana yeroon osoo hin keessumessiin hafuu waan jiruuf waldhabdeen akka uumamuu sababa ta'e jira.⁸² Sababa waldhabbee kanaan ammo himatamtootii adabamuu qaban bilisa akka deeman gochuu ykn adabii murtaa'uu qabu gadii xiqqessuun kenuuniis kan mul'atuu ta'uusaa qo'annoo godhameen hubatamee jira.

Tarkaanfiin akkanaa kun ammo kan miidhuu qaama haqaa osoo hin taanee hawaasa baldhaa fi nageenyi biyya akka miidhamuu kan godhuu waan ta'eef gocha akkanaa gara fedhii hawwaasaa fi mootummaa tuquutti fiduun gocha seeraan ala ta'eedha. Kanaafu, dhimmoota akkas irratti qaamni hunduu biyyaaf akka quuqamuu kan gaafatuu waan ta'eef faayidaa waliiniif carraaquun bu'aa haqaaf deemuun dhimma filannoo hin qabnee dha.

⁸² Madda lakk.9 ilaalata

2.3. Dhimmoota yakkaa tooftaa saffisaa adeemsa falmii yakkaatiin

ilaalamu qabanii fi hin qaban murteessuu ilaalchisee

Ibsaa keenya kutaa lamaaffaa jalatti muuxannoo biyyoota Auroophaa tokko tokkoo sakata'uun keenyaa ni yaadatama. Haala muuxannoo biyyoota kanaa irraa hubachuun akka danda'ametti, dhimmoota tooftaa kanaan ilaalamuu qabaniif ulaagaa ykn istaandardii ifa ta'e kan qaban ta'uusaa ibsamee jira. Asiitti garuu, yaadachisummaa jechaa ulaagaaleen kun maalii akka ta'an ibsuun barbaachisaa waan ta'eef ibsuuf dirqamnee jira. Dhimma yakkaa dhiyaatee tokko tooftaa kanaan **ilaaluuf**.⁸³

1. Yakka raawwatamee tokko tooftaa kanaan ilaaluufi yaakkichii hanga hidhaa waggaa meeqaa kan adabsiisuu akka ta'e dursaan daangeefame jira
2. Dhagaha falmii yakkaa tokko guyyaa dhiyaatee kaasee hanga guyyaa meeqaatti yoomitti turuu akka danda'u murtaa'e jira.
3. Yakkii sun tooftaa kanaan ilaalamu fi ilaalamuu akka hin qabnee murtee kennuuf qaamni aangoon kennameef ifaan teesifamee jira.
4. Biyyi Ingilizii, haala adda ta'een, dhimmoota yakkaa tooftaa kanaan gonkumaa ilaalamuu hin dandeenyee adda baasani tarreessan jiru. Fkn yakka ajeechaa lubuu gudeeduu, saamichaa cimaa fi yakka cimaa qabeenya irratti raawwatamee yoo ta'e, falmii idilee qofaan kan ilaalaman ta'u ifatti tumtee jiritii.
5. Yakka harkaaf harkaatti raawwatamee kan hin taanee yoo ta'e tooftaa kanaan akka ilaalamuu aangoon murteessuu kan himatamaa ta'uusaa biyyoon silaa ibsaman kun haala ifa ta'en kaa'ani jiru. Haa ta'utii, biyyi Ingilizii garuu, yakka harkaaf harkaatti raawwatamees

⁸³ South African Law Commission, A comparative study of Eroupean Criminal Justice Systems. Germany ,2001
pp.51-53

yoo **ta'e**,⁸⁴ filannoon kan kenameef himatamaaf waan ta'eef, akka biyya Albaaniyaa fi Porchuugaal aangoon m/murtiif ykn akka biyya Faransaay abbaa alangaa kun kennamee mitii biyya Ingiliziitti aangoon kun qaamolee haqaaf kan kenamee **miti**.⁸⁵

Muuxannoon biyyooti armaan olitti ibsamani kun hammaam iftoomina akka qabu tilamaamuun nama hin dhibuu. Muuxannoo biyya keenyaa kan ilaaluu yoo ta'e garuu, ulaagaaleen biyyoota kana bira jiru nu biratti kan hin jiree ta'uusaa mataa isaatiin burqaa rakkoo ta'aa akka jiru beekuuf waan nama rakkisuu hin ta'u.

Bakka hanqinnooni kun hundaa jirutti raawwannaan tooftaa saffisaa yeroo ammaa haala gaarii irratti argamuun isaa wanta ajaa'ibsiisaadha jechuun ni danda'ama. Kana jechuun, ulaagaaleen murteessaa ta'an kun bakka hin jireetti qaamolee haqaa tajaajila barbaachisaa ta'e kennaa jirachuun isaani dhimma akka ciminaatti ka'uu qabu ta'eetti nuttii mul'ataa.

Haaluma kanaan, dhabamuun ulaagaa kanaa rakkinaalee qaamolee haqaa jidduutti umamaa jiru sababa isaa hangafa jechuun ni danda'ama. Kuni yoo jedhamuu, qaamoolee haqaa biratti hanqinni hubannoo fi dandeetti gonkumaa hin mul'atuu jechuu akka hin taane beekuun barbaachisaa ta'a.

Dhimma yakkaa hundaa tooftaa kanaan ilaaluuf yaaliin gama poolisiif abbaa alangaan mul'achaa jiru raga ta'u ni danda'a. Jechuun, dhimmoota yakkaa ciccimoo ta'an adeemsa tooftaa kanaan ilaalamuu hinqabnee kan dhiyaatee ta'uu galmee ilaalaman tokko tokko waabii ta'u ni danda'u.

Fkn: Himataa A/Alangaa lakk. Galmee 09371 bara 2002 himannaa ajeechaa lubuu Ob. Heenok Habta'ab irratti dhiyaatee deemsa tooftaa kanaan akka ilaalamu yaaliin gidhame **jira**.⁸⁶ Himatamaan kun nama Ob.

⁸⁴ madda lakk 14 fuula 30-31

⁸⁵ ESer, Albin, The Acceleration of Criminal proceedings & the right of the accused, comparative observation as to the reform of criminal procedure in Europe (1996) pp.10-12

⁸⁶ A/A Vs Heenok Habta'ab (MMO G/A/Adaamaa lakk.G.09371, 2002) (kan hin maxanfamin)

Birhaanuu ajeessuudhaa fii namoota lama ammo miidhaa qaama irra qaqqabsiisuudhaan kan himatameedha. Gochii yakkaa kun walxaxaa fi yeroo kan fudhatuu ta'e osoo jiru tooftaa saffisaadhaan ilaaluun hammam mirga himatamaas ta'e murtii kennamuu irratti dhiibbaa akka fiduu tilamaamuun nama hin dhibuu.

Himata A/Alangaa Ob. Sulxaan Saabil irratti lakk. Galmee 09259 bara 2002 tooftaa kanaan akka ilaalamuu dhiyaatees, m/murtii kuufaa gochuun falmii idileen akka itti fufaamuu godhamee **jira**.⁸⁷

Himataa A/Alangaa yakka gudeeduutiin Ob. Warquu Xeenaw himatamee irrattis m/murtii ol'aanaa godina bahaa shawaa yakki kun deemsa tooftaa saffisaan ilaalamuu akka hin danda'amne ibsuun falmii idileedhaan akka ilaalamuu godhamee **jira**.⁸⁸

Haala kana irraa hubachuun akka danda'amutti, dhimmoonni ciccimoo ta'an hundaa tooftaa kanaan akka ilaalaman gaaffiin dhiyaachaa kan jiru ta'uus, m/murtii, garuu, amala yakkichaa yaada keessa galchuun falmii idileetiin akka ilaalamuu taasisaa jira. Haa ta'utti, fedhiin qaama rawwachiiftuu bira jiru dhimma hundaa tooftaa kanaan akka ilaalamuu **dha**.⁸⁹ Muuxannoo biyyoota biraa ilaallee keessatti garuu, yakkooni akkas kun hidhaa cimaa kan hordofsiisan waan ta'eef tooftaa kanaan kan ilaalaman osoo hin taanee, ulaagaan waan daangeefameef falmii idileen akka ilaalaman godhaaniti jiru. Haala biyya keenyaatiin garuu, ulaagaan kun waan hin jireef fedhiin jiru haalii itti daangeeffamuu danda'u ifa miti. Walmormii A/Alangaa fi M/Murtii jidduutti ka'aa jiruuf qaawiin kun sababa ta'aa akka jiru beekamaadha.

⁸⁷ A/A Vs Sulxaan Saabil (MMO. G/A/Adaamaa, Lakk G.09259/2002(kan hin maxxanfamnee)

⁸⁸ A/A Vs Warquu Xeenawuu(MMO G/A/Adaamaa, lak. G. 09127/2002 (kan hin maxxanfamnee)

⁸⁹ Cuunfaa gaaffii afaanii qo'annoo TSAFY irraa argama.

3.2. Mirgoota Himatamaa Fi Tooftaa Saffisa Adeemsa Falmii Lakkaa

Tooftaan saffisa deemsa falmii yakkaa bu'aa yaa argamsiisu malee mirgoota heera mootummaatiin himatamaaf eegameef yommuu raawwatamuu xiyyeeffannaa waan hin kennineef miidhaa qabachuun isaa hin oolu.

Fakkeenyaaf, mirga ragaa ittisaa dhageessifachuu, mirga Abukaattoo seeraa mariisisuu, mirga wabii argachuu fi kkf yeroo dhimmii yakkaa tooftaa saffisa adeemsa falmii yakkaatiin ilaalamuu himatamaadhaaf yeroo waan hin kennineef iddoo tokko tokkootti murtiin kennamuu haqa qabeessaa hin ta'uu.

Haa ta'uu malee raawwiin isaa rakkinaa haa qabaatuu malee tooftaan saffisa adeemsa falmii yakkaa adeemsa dheerina qabuu fi yeroo dheeraa fudhatuu gabaabsuun himatamaas kan fayyaduu dha. Namni yakkaan himatame akka miseensaa fi jiraataa hawaasa tokkoo ol'aantummaa seeraa fi nageenya barbaaduu irra dabree akka himatama tokkootti mirgoonni kun eegamaadha. Mirgoota adeemsa kana keessatti yeroo baay'ee gaafiin irratti ka'uu muraasa yoo ilaallee;

1. Mirga dhimma himatameef dafee murtii argachuu/speedy trial/ mirgi kun mirga heera mootummaatiin nama himatame tokkof kabajamee yoo ta'u uumamaa fi kaayyoon tooftaan adeemsa falmii yakkaa mirga kana himatamaaf caalatti kan mirkaneessuudha.
2. Mirga wabii argachuu: Tooftaan kun mirga wabii kan daangeessuu osoo hin ta'iin akkuma seeraan ta'eetti kan kabajuu dha. Tooftaa kanaan yeroo baay'ee dhimmii yakkaa tokko guyyuma eegalamee

sanatti kan xumuramu waan ta'eef gaatiin mirga wabii dhimma akkasii sana irratti hin ka'uu. Haa ta'uu malee, dhimmoota adeemsa isaanii guyyaa tokko ol fudhatan irratti ka'uu isaa hin ooluu. Yeroo kanatti, mirga wabii himatamaa qabu seerrii kan hin dhoowwinee taanaan mirgii wabii kabajamuuf qaba. Mirgii kun yoo eegameef, himatamaan ala ta'ee falmachuu danda'aa jechuu dha. Kun akkuma jirutti ta'ee iddoo baay'eetti wa/poolisiitti fi m/murtittii tooftaa saffisa adeemsa falmii lakka hojii irra oolchuuf yeroon mirgii wabii shakkama/himatamaa/ yommuu dangeeffamuu ni mul'dhata.

3. Fakkeenyaaf, lakk. Ga. Qo. Po 312/2001 ta'eetti himatamaan kasaahun Tasfayee jedhamu guyyaa 7/03/2001 ganama keessa sa'a 2:00 tti qarshii 97 kisaa nama Gaddisaa Dabalee jedhamuu keessaa yoo fudhatuu harkaa fi harkattii qabamee Wa/poolisii magaalaa Asallaatti dhiyaatee guyyuma kanatti galmee irratti qulqulleessuun galmeen qorannaa xumuramee himatnii irratti qopha'ee yeroon waan jalaa deemeef A/Alangaati fi poolisiin toofta saffisaa adeemsa falmii yakkatti fayyadamuuf jechaa guyyaa itti annuu m/murtitti dhiyeessuuf himatamaa kana to'anna jala oolchuun guyyaa lammata sa'atii 9:30 tti m/murtitti dhiyeessaniruu.

Dhimmaa kana irratti to'annaa jala bulchuun isaanii sirrii dha?
Maaliif?

Wa/poolisii qofattii miti, m/murtiitiis yeroon ragaa A/alangaa dhagahee sababa gabaabina yerootiif jechaa ragan ittisaa himatamaa dhagahuuf himatamaan to'annaa jala akka buluu gochuun yeroon ganamattii beellamuu baay'ee dha. Toofta saffisaa adeemsa falmii yakkaa hojii irraa oolchuuf mirigi wabii himatamaa heerrii mootummaa eegeef daangeefamuu hin qabu. Mirgi wabii seerrii kan haayyamuu taanaan mirgii isaa daangeefamuun miti guyyaa lamataatiif sa'atti tokkoof sarbamuu hin qabu.

3. Mirga Raga Ittisa Dhageessifachuu (The right to have adequate time and facilities to prepare a defense)

Tooftaan saffisa adeemsa falmii yakkaa mirga kana kan dangeessuu osoo hin taanee himatamaan ragaa ittisa yoo qabaatee beellama gabaabaatiin akka dhiyeefatu godhamuu qaba malee m/murti bira dabruu hin qabu. Muuxannoon jiru himatamaan adeemsa kanaan m/murtitti himatamee dhiyaatu yakka harkaa harkatti osoo rawwatuu nama qabamee waan ta'eef ragoonni fi miidhamaan walfaana bakka m/murtii waliin dhiyaataa jiranitti, gocha raawwate gara amanutti kan deemu malee ragaa ittisaa dhiyeessachuuf yeroo itti gaafatu bal'inaan hin jiru. Iddoo kanatti wantii hubatamu qabuu himatamaan ragaa ittisaa dhiyeefachuuf gaaffii dhiyeessuu qofa osoo hin ta'iin m/murtiis himatamaan raga ittisaa akka dhiyeefatuuf haala mijeessuufi qaba. Kunis yeroo gahaa kennuuniif ta'uu danda'aa ykn karaa birootinis gargaaruu danda'a fkn Bilbilan kan danda'amu yoo ta'ee gama kanaanis haala mijeessuufi qaba. Haa ta'uu malee raawwii irratti yeroo gahaa m/murtii gaafatee m/murtii gaaffii himatama bira darbee yeroo keenuuf jala gabaabsuun jallinnii haqaa itti uumamuu ni muldhata.

Fakkeenyaaf Dhimma 1^{ffaa} :- Dhimma lakk Ga/m/m 02465 ta'ee Himatan A/Alangaa, Himatamaan, ibraahim Abdoo jedhamuu guyyaa 6/5/2002 G/Arsii aanaa Hoonqoloo waabee magaalaa Silxaana Ganda 01 tti guyyaa keessaa sa'atii 10:45tti yakka gudeeddii raawwata osoo jiruu harkaf harkattii qabame. Guyyuma kana qorannaan galmee poolisitiis xumuramee, himatnis qopha'ee himatamaan m/murtii aanichaatti dhiyaate. Himatamaan m/murtittii jechaa wakki fi amantaa ergaa keenneen booda A/Alangaa ragaa seera akka dhiyeefatuu ajajamee namnii lama dhiyatee. Ragaan seeraa jechaa ergaa irraa fudhameen booda halkan keessa sa'a 2:00 yoo ta'uu himatamaan ragaa ittisaa hin qabuu jennaan halkanuma kana sa'a 2:30 tti murtii baleessuma itti kennuun adabbii hidha wagga 5 tti murta'ee jira.

Himatamaan halkan sa'a 2:00tti ofirraa ittisii jechuun na sarduun isaanii seeraa qabeessa mitii jechuun komii kaaseera.

Dhimma 2^{ffaa} :- Dhimma lakk. Go. M/M 01375 ta'ee irratti himatan A/Alangaa, Himatamaan Danyaachoo Alamuu kan jedhamu guyyaa 12/03/2002 yakka hannaa raawwatee harkaf harkatti qabamee himatni dhiyaachuun m/murtii aanaa Baleetti Hexoosatti dhiyaatee. Ragaan seeraa dhiyaatee himatamaa irratti rageessee jira. Himatamaan ragaa ittisaa yoo qabatee gaaffaa guyyaa 13/3/2002 tti akka dhiyeefatuu m/murtii ajaja dabarsee. Himatamaan borutti dhiyeefachuu hin danda'uu, torbaan naaf haa ta'uu jechuun m/murtii gaafatee, m/murtii harkaf harkatti qabamtee waan ta'eef borutti dhiyeefachuu kan hin dandeenyee torbaanitti eessa fiida? Jechuun yaada himatamaa kufaa godheera. Gaaffaa guyyaa 13/03/2002m himataman dhiyaatee ragaa ittisaa hin dhiyeefannee, dhiyeefachuu hin danda'uu yoo jedhuu, m/murtii himatamaan raga ittisaa dhiyeefachuu hin danda'uu jedhee jechuun bira darbuun murtii adabbii hidha waggaa tokkoo itti laatamee galmeen cufameera.

Qabxii Marii

1. Dhimma 1ffaa irratti

- A. Komii himatamaan kaasee akkamitti laaltuu?
- B. Sa'aa hojii idileetiin alatti ilaallamuu isaa akkamitti ilaaltuu?
- C. Dhimma kana mirga wabii himatamaatin wal bira qabati qeeqaa.

2. Dhimmi 2^{ffaa} irrattii

- 1. Yaada himatamaan kaasee m/murtii kufaa taasiisuu isaa akkamitti ilaaltuu?
- 2. Toorbaanitti yoo beellameef dhimmichii toofta saffisa adeemsa falmii yakkatiin ilaalamuu hin danda'uu? Maaliif.

3. Mirga ofirraa ittisuu himatamaa hin daangeenfamnee jettanii yaadduu?
4. Dhimmi tokko toofta saffisa adeemsa falmii yakkatiin ilaalamuuf guyyaa meeqa keessatti xumuramuu qaba? Irratti mariyadha.

4. Mirga abukaattoo filataniin mariisisuu (The right to choose and consult a legal

representative)

Akkuma beekamuu tooftaan saffisa adeemsa falmii yakkaatiin dhimmii dhiyaatu beellama malee kan ilaalamuu waan ta'eef, himatamaan abukattoo seeraa mariisisuuf yeroo waan hin kenniineef fakkaata. Gama kanaanis muuxxannoo akka argisiisutti falmii idilee keessatti yeroo himatamtoonni bal'inaan abukaattoo mariisisuuf gaaffii dhaddachaaf dhiyeessan hin jiru. Haa ta'u malee, himatamtoonni gaafachuus baatan m/murtii yaadachiisuun ragoonni osoo hin bittinaa'iin daangaa yeroo mannii murtii kaa'uuf keessattii himatamaan abukaattoo seeraa mariisisuuf alatti himatamaan caaldhisee jechuun manni murtii caldhiisuu hin qabuu, yeroon gahaan keennamuufii qaba. Dhimma 1ffaa armaan olii yoo ilaalleehimatamaan gaaffii hin kaafnee, m/murtiitis caldhisee bira darbee. Himatamaa baay'ee waan sardameef kana itti yaadatuu tasuma hin qabuu sardameera.

Walumagalatti tooftaan safisa adeemsa falmii yakka adeemsa dheerina qabuu fi yeroo dheeraa fudhatu kan gabaabsuu malee mirgoota himatamaan seeraan qabuu kan eegate fi adeemsa seera kan cabsu mitii, dhimma dhiyaatee tokko tooftaa kanaan ilaaluuf jechaa mirgii himatama yeroo tokkoof illee daangeeffamuu hin qabu.

Qabxii Marii

Mirgoota namaa kabaachiisuuf faayiidaa fi miidhaa TSAFY qabuu bal'inaan kaasuun irratti mariyadha.